



Kuataa Qophiitiin

Jilli Pirezidaantii Mootummaa Naannoo Oromiyaa Obbo Shimallis Abdiisaatiin durfamu tibba kana godinaalee Shawaa arfanitti hojilee misoomaa magaalaa baadiyyaatti hojjatamaa jiran daawwateera.

"Daawwannaa hojilee misoomaa tibbana taasifneen miira hawaasa keenyaa dhaggeeffannee waadaa keenya haaromsuutti jirra"

Pirez. MNO Obbo Shimallis Abdiisaa

Pirezidaantiin Mootummaa Naannoo Oromiyaa Obbo Shimallis Abdiisaa daawwannaa godinaalee kanneenitti taasinaniin booda ergaa dabarsaniin, sochiin hojilee misoomaa godinaalee kanneenii jajjabeessaa ta'us fedhii misoomaa ummataa keenyaan yoo madaallu ammas karaa fagoo

deemuu qabnutu fuuldura keenya jira jedhan.

Mootummaan Naannoo Oromiyaa ce'umsa dinagdee hundagaleessa akeekaa jiru keessatti aadaa qusannaa jajjabeessuun qonnaan bulaa keenya gara abbaa qabeenyummaatti ceesisuuf xiiqii guddaan hojjechaa

Gara fuula 14tti

Naannichatti bara kana pirojeektonni bishaaniifi inarjii haaromfamaa namoota miiliyoona 4.5 ol fayyadamaa taasisan tajaajila eegalan

Hizqi'el Tashoomaatiin

Naannoo Oromiyaatti bara bajataa 2016 pirojeektonni bishaaniifi inarjii haaromfamaa namoota miiliyoona 4.5 ol fayyadamaa taasisuu danda'an tajaajila eegalu Biiroo Bishaaniifi Inarjii Oromiyaa ibseera.

Biirichi raawwii hojii bara kana irratti ibsa miidiyaaleef kenneen dhiyeessa bishaan dhugaatiifi inarjii haaromfamaa ijaaruufi babal'isuun guddina hawaas-dinagdee mirkaneessuuf hojjechaa jiraachuun eereera.

Haaluma kanaan fedhii hawaasaa sadarkaa sadarkaan jiru guutuuf karoora xiiqii bara bajataa 2016f qabame milkeessuuf, bajata mootummaa, deeggartoota misoomaafi hirmaannaa ummataa qarshii biiliyoona 11 oliin

pirojeektota bishaan dhugaatii gosa adda addaa 9,654 namoota miiliyoona lamatti siqu fayyadamaa taasisan caasaa sadarkaa naannoo, godinaa, aanaa, hirmaannaa hawaasaafi deeggartoota misoomaan raawwatameera jedhanii, kana keessaa pirojektoonni 8,376 hirmaannaa ummataatiin kan hojjetaman ta'uus Hoggantuun biirichaa Injinar Miliyoon Baqqalas ibsaniiru.

Misooma dhaabbilee dhugaatii cinatti pirojeektota inarjii haaromfamaa gosa gara garaa 2,163 fi raabsaa baayyoo gaaziifi soolaarii adda addaa miiliyoona 1tti siqu raawwachuun tajaajilaaf banaa gochuun kan danda'ame ta'uus Injiinarii Miiliyoon



Injinar Miliyoon Baqqala

eeranii kanaanis ummanni naannichaa miiliyoona 4.5 ol ta'u fayyadamtoota

Gara fuula 14tti



Dr. Tasfaayee Kababaw

Dhukkuboota rooba hordofuun uumamuu danda'an ittisuuf hojjetamaa jira

Kutaa Qophiitiin

Dhukkuboota rooba hordofuun uumamuu danda'an ittisuuf hojjetamaa jiraachuu Biiroon fayyaa Oromiyaa ibseera.

Dhukkuboota daddarboo wayitii roobaa uumamuu danda'an ittisuuf hojjechaa jiraachuu Hogganaa Itti Aanaa biirichaa Dr. Tasfaayee Kababaw ibsaniiru.

Dhukkuboota bifa weeraraatiin uumamuun hawaasarratti miidhaa qaqqbsiisan keessaa koleeraafi busaa ta'uu kan ibsan Dr. Tasfaayeen iddoowwan dhukkubni kun mul'ateetti ittisuufi yaaluuf qindoominaan hojjetamaa jira jedhan.

Hawaasni dammaqqee dhibeewwan kana akka ofirraa ittisuuf dadammaqsuu, miidhaa dhibee kanaa hawaasa hubachiisuu, dhibeewwan kanneen karaa caasa biirichaafi deggartootaa bal'inaan hubachiisuu

Gara fuula 14tti

Godina Harargee Lixaatti bara kana hanga ammaatti dhimmoonni waldhabdee kuma 58ol Mana Murtii Aadaatiin fala argachuun ibsame

Bushiraa Aliitiin

Godina Harargee Lixaatti bara kana hanga ammaatti dhimmoonni waldhabdee garaa garaa 58,303 ta'an Mana Murtii Aadaatiin fala argachuun Manni Murtii Ol'aanaa Godinaachaa beeksiseera.

Godinichatti aanootaa 15fi magaaloota 5 keessatti Manneen Murtii Aadaa sadarkaa jalqabaa 510 fi sadarkaa ol dabarfataa 20 waliigala 530 jiraachuu Pirezidaantiin Mana Murtii Olaanaa Godinichaa Obbo



Mahammad Abduramaan himaniiru.

Manneen Murtii Aadaa kunneenis guyyaa hundaa'anirraa jalqabee ittifufinsaan hojjachaa jiraachuufi hojileen muuxannoo jajjabeeffamuu qaban hojjatamuus dubbataniiru.

Godinichattis bara dabre Manneen Murtii Aadaarratti dhimmoonni kuma 57 ol dhihaachuun isaan keessaa kummi 54fi dhibba sadii ol fala argachuus himanii, bara kana hanga ammaattis dhimmoonni kuma 62 ol Manneen Murtii Aadaarratti kan dhihaatan

Gara fuula 14tti

Gumaata Gumaata Gumaata
Gumaata Gumaata Gumaata
Gumaata Gumaata Gumaata

Gumaata



Of jijjiiruuf Kallattiilee bu’uuraa

Ati nama guddachuuf of qopheessuu jaallattudhaa? Karaa kamiiniyyuu of jijjiiruuf kallattii barbaadaa jirtaa? Yeroo kamiyyuu kallattiin ittiin jireenya keenya jijjiiruu dandeenyu malli ni jira. Isaanis kunooti.

- Dandeettiin nama keessa jiru daangeffamaa miti. Kanaafuu dhuma milkaa’insaarra gaheera kan jedhu hin jiru. Tuqaan milkaa’insa isa dhumaas hin jiru. Yommuu of xiinxallu nuti nama gaariidha, gahoodhas.
- Kallattiin milkaa’inaa kennamu itti fufinsaan of jijjiiruuf akka ta’uufi yeroo hundumaa tarkaanfiin guddaan irratti dammaquu qabnu akka jirudha. Tarkaanfileen milkaa’inaa tokko tokko karaa salphaadhaan kan adeemsisu yoo ta’u, kan deggersa barbaachisus jiru.

Yeroo hundumaa dubbisi

- Maddi ogummaa jireenyaa kitaaba dubbisuun ni argama. Hanguma baay’inaan kitaaba dubbistu ogummaan horattus caalmaatti dabalamaa adeema. Guyyaa hundumaa kitaaba yommuu dubbistu sammuu kee beekumsa soorata.
- Afaan haaraa baradhu
- Afaan dabalataa baruun dandeettiifi beekumsa dabalataa akka argattu si gargaara. Sammuu banamaan afaaniifi aadaa kanneen biroo barachuun muuxannoo jireenyaa gabbisa.

Fedha haaraa of keessatti uumi

- Fedha kee cinaatti fedha kanneen biroo fakkeenyaaf jabeenya qaamaa, walaloo barreessuu, horachuun yommuu hojii xumurtu shaakaluun dandeettii kee alaan, keessaan, yaadaan ni guddifatta.

Barnoota haaraa fudhadhu

Barnoonni karaa ittiin beekumsa haaraa argataniifi dandeettii ittiin of jijjiiranidha.

Kutaa dadammaqiinsaa uumi

Naannoon ati jirtu kaka’umsa waan haaraa uumuuf ati qabdu cimsuuf gahee qaba. Kan jirtu naannoo dadammaqinsaaf si gargaaru yoo ta’e, yeroo hundumaa keessa kee haareessita. Kutaan mana kee keessa jiru duwwaa akkasumas toora kan hin qabne yoo ta’e, kutaa dadammaqinsaa gochuuf wantoota dammaqinsaaf si gargaaran jechoota barreessuun yookiin fakkii kaasuun itti maxxansi.

Sodaa mo’adhu

- Dandeettii dubbiiirratti, sagalee dhageessifachuurratti sodaa qabda taanaan, sodaan kee sadarkaa jijjiiramaa tokko irra akka turtuufi of jijjiiruurraa si dhorka. Naannoo itti sodaa kee mo’achuu dandeessu uumuun irratti hojjedhu

Sadarkaa kee ol guddisi

Hojii keerratti muuxannoo fudhachuun isa caalutti ol guddifachuu dha.

Ganamaan ka’i

Obboroon ka’uun bu’aa hojiiifi of jijjiiruurratti gahee olaanaa qaba. Ganamaan yoo kaatu yeroo gahaa itti of qopheessitu namoota kan biroo caalaa qabaatta.

Sochii qaamaafi jabeenyaa torbanii

Qindaa’insaafi bareedina akkasumas fayyina qaamaaf sosochiin qaamaa murteessaadha.

Kitaaba jireenya kee eegali

Kitaabni jireenyaa of keessaa akkaataa jiruufi jireenya kee itti jiraattu qaba. Fuula tokkoon tokkoonsaa irratti of qopheessuun, kaayyoo kee, bu’aa argattuufi galma geessu madaalaa adeemta.

Roobeeraa Qannoo, Kominikeeshiinii Magaalaa Danbidoolloorraa, Toora telegiraamii, @Geggeessummaa jedhurraa kanan dubbise

Kottaa waliif taanaa

Mee kottaa wal taanee

Kottaa waliif taanaa

Wal cinaa dhaabbannu

Humna waliif taanaa

Humnaafi qabeenya

Walitti daddaballee

Rakkoo hawaasa keenyaa

Gadi buunee ilaallee

Wal taanee haa tumsinu

Isatuu gargaarsaa

Kan dadhaban utubaa

Kufaa lafaa kaasaa

Waan lammiin jaallatu

Hojiin mirkaneessaa

Maatii haadha hiyyeessaa

Bira ga’aa jabeessaa

Duudha keenya hordofnee

Lammii haa tajaajillu

Hiyyeessi nyaata dhabe

Nyaatee dhugee akka bulu

Inni kaan mana hin qabu

Qorratu miidhaa bula

Inni kaan sooraa dhabee

Daandiiirra ciisaa oola

Ati yaa nama har’aa

Wanta gaarii hojjedhu

Lammiif furmaata ta’ii

waan gaarii galmeeffadhu

Furmaata ta’ii darbi

Ati kanaaf uumamte

Lammii harka kee eegu

Bira hin darbiin dagatte

Kibruu Qannootiin, Waajjira Kominikeeshiinii Aanaa Aayiraarraa-Wallagga Lixaa

Gorsa gaarii


- Maaliif akka dhalatte, of gaafadhuutii hubadhu
- Rabbii si uume sodaachuu dirqama kee godhadhu
- Kabajaafi naamusa kee eeggadhu
- Kaayyoo keerratti kutannoofi murannoo qabaadhu
- Osoo rakkoon hin dhufiin uumakee yaadadhu
- Yemmuu balleessite dafii dhiifama gaafadhu
- Jireenya injifachuuf, dursa ofiikee injifadhu
- Uumaakee kadhachuu amala taasifadhu
- Umrii dheerachuu yoo feete, waan gaarii hojjedhu

- Nama kamiifuu ilaalcha gaariifi kabaja qabaadhu
- Haqaafi dhara ragaan xiinxalii adda baafadhu
- Ejjennoo sirrii kan mataa keetii qabaadhu
- Qabeenyas dhabdu amalaafi garraamummaa qabaadhu
- Namummaa keetiin of tahii mul’adhu
- Hiriyyaa nama hamatuufi nama soburraa fagaadhu
- Sammuu keetiin of abboomii jiraadhu

Kanin dubbiserraa

Asmaraa Abdiisaa, Waajjira Kominikeeshiinii Aanaa Hidhabuu Abootee, Shawaa Kaabaa

Wabii nyaataa mirkaneessuun humna al-ergii keenya guddisuuf xiiqiin hojjenna!



Bara 1986 hundeeffame
Torbanitti al tokko guyyaa Kamisaa,
Biiroo Kominikeeshiinii Oromiyaatiin maxxanfama

Qindeessaafi Gulaalaa Muummee
Addunyaa Hayiluu
Itti aanaa Gulaalaa Muummee
Masarat Amanaa

Leyi'aawutiifi Dizaayinii
Yewubnesh Kabbadaa

Qopheessaa Beeksisaa
Guddataa Dhaabasaa

Lakk. Saan. Pos. 8741 E-mail kellechaoromiya@gmail.com Websaayitii :- www.kallachaoromiya.org Face Book:kellecha Oromiya Finfinnee Oromiyaa

Dubbii Ijoo

Midhaan nyaataan of danda’uu darbee al ergii keenya akaakuufi hammaan guddisuuf xiyyeefannoon hojjetamaa jira!

Mootummaan Naannoo Oromiyaa qooddattoota (variables) oomishaafi oomishtummaa qonnaa ceesisan adda baasee hojjechaa kan jiru yoota’u, midhaan nyaataatiin ofdanda’uurra darbee al-ergii akaakuuwwan midhaan filatamaanii dachaa hedduun guddisuu akka galmaatti qabatee socho’aa jira.

Gosoota midhaan filataman kanneen inisheetivootaan deeggaruufi to’annaa addaa taasisuun oomisha midhaan al-ergiirratti bu’aa abdachiisaa galmeessaa jira.

Gama kanaan, inisheetivoota midhaan dibataa: boloqqee, atar-boonsituufi saliixa yoofudhanne, galii sharafa alaa biyyaafi jiruufi jireenya qonnaan bultoota keenya fooyyessuu keessatti gumaacha guddaa taasisaa jiru.

Inisheetivii misooma Boloqqee, bara oomishaa 2014/15 lafa hektaaraa kuma 235 darburratti oomishuun callaa kuntaalaa miiliyoona 3.33 argachuun kan jalqabne yoota’u, Ganna kana, gara hektaara miiliyoona tokkootti olguddisuun callaa kuntaala Miiliyoona 14.57 argachuuf karoorfamee hojjetamee hojjetamaa jira. Kanaanis raawwii hanga ammaatiin hektaara kuma 600’tti dhiyaatu irratti facaafamee jiraachuu ragaan ni ibsa.

Gama inisheetivii misooma atar-boonsituun, bara oomishaa 2014/15 lafa hektaara 14, 647 ta’u irratti misoomsinee callaa kuntaala kuma 290 argachuun jalqabamee tureera. Waggoota lama booda jechuun bara kana lafa hektaara 600,000’tti olguddisuun callaa kunt. mil. 12’tti dhiyaatu argachuuf karoorsinee hojjechaa kan jirru yoota’u, rawwii hanga ammaatiin hekt. kuma 400’tti dhiyaatu irratti facaasuu dandeenyeerra.

Akkasumas, inisheetiviin saliixaa, bara oomishaa 2014/15 lafa hektaara kuma 49 irra ture, bara kana gara hektaara kuma 500 olitti guddisuun, callaa kuntaala kuma 400 ol argachuuf karoorfamee hojjetamaa jira. Karoora bara kanaa keessaa hanga ammaatti lafa hektaaraa kuma 300’tti dhiyaatu irratti facaafameera.

Tattaafiin yeroo gabaabaa keessatti oomishaafi oomishtummaa midhaan dibataa el-ergii guddisuuf taasifameen jiruufi jireenya qonnaan bulaafi dinagdee biyya keenyaa keessatti muldhachaa jira.

Mootummaan keenya fiixee milkaa'inaa keessumaa gama oomisha dabaluutiin muldhate, oomishtummaarratti karoora hiixataa qabatee kutannoo hinreeqqifneen hojjechuun, jiruufi jireenya ummataa akkasumas dinagdee biyyaa keenyaa keessatti cehumsa qabatamaa kan dhugoomsu ta'a.

Kanaaf immoo hunduu tumsa barbaachisu kennuu qabaata jenna.



Magaala Roobee, Jimmaafi Aanaa Gammachiisitti hojiin kenna tajaajila lammummaa bifa hoo’aan gaggeeffama jira jedhame

WK Bulchinsaaleefi godinichaatiin

Magaalota Roobeefi Jimmaa akkasumas Godina H/Lixaa Aanaa Gammachiisitti hojiin kenna tajaajila lammummaa bifa hoo’aan gaggeeffama jiraachuun ibsame.

Mootummaan Naannoo Oromiyaa misooma naannichaa hirmaannaa hawaasa waloon mirkaneessaa adeemuuf humnoota waloo afran keessaa tajaajila lammummaa hojiitti hiikuun bu’aalee hedduu galmeessiseera.

Tibba kanas Bulchiinsoota Magaalaa Jimmaa, Roobeefi Godina Harargee Lixaa Aanaa Gammachiisitti sagantaa kenna tajaajila lammummaa kanaan dhaabbii biqiltuu, ijaarsaafi suphaa manneen haadha hiyyeessaa jalqabsiisuu, arjooma dhiigaa, arjooma maallaqaafi beeyladoo taasisameera.

Bulchinsa Magaalaa Jimmaattis sagantaan jalqabsiisa hojii tajaajila lammummaa dargaggoota Gannaa, bakka koreen jaar-miyaalee dargaggootaa Naannoo Oromiyaa, hoggansi sadarkaa magaalaa koreen jaar-miyaalee dargaggootaa magaalaa Jimmaa argamanitti, qindoomina Waajjira Dargaggoofi Ispoortii Magaalaa Jimmaafi koree Jaarmiyaalee Dargaggootaa Magaalaa Jimmaatiin hojiin tajaajila lammummaa garaagaraa eegalameera.

Hojiiwwan tajaajila lammummaa tibba kanaanis, dhaabbii biqiltuu, ijaarsaafi suphaa mannen haadha hiyyeessaa eegalchiisuu, namoota dhukkubsatanii hospitaala jiran gaafachuun jajjabeessuufi sagantaan dhiiga arjoomuu raawwtameera.

Bifuma walfakkaatuun Magaalaa Roobeettis, Dhaabbanni Gargaarsaa 'Yatiim children care' deeggarsa qarshii miiliyoona shanii olitti tilmaamu haadholii Yatiimaa / daa'imman harka qalleeyyii/ guddisaniif gumaacheera.

Dhaabbanni miti-mootummaa biyya keessaa kun dhaabbata gargaarsaa biyya Jarman 'Hasane international' jedhamu waliin ta'uun Aanaa Sinaanaafi Magaalaa Roobeerratti daa'imman yatim 200 tajaajila lammummaatiin gargaaraa akka jirus ibsuun, kanneen keessaa tibba kana maatii Yatiima guddisan 20'f deeggarsa galii argamsiisuu danda'ufi tilmaama qarshii miiliyoona afuriifi warreen mallaqaan gargaaramaniifis deeggarsa qarshii miiliyeena tokkoofi kuma 150 gumaachuu ibsaniiru.

Hundeessaan dhaabbata gargaarsa biyya keessaa 'Yatiima children care' Obbo Kamaal Abdulhakiim dhaabbanisaanii qorannoo gadi fagoo geggeessuun fedhii hawaasni galfateefi haala mijaa'oo isaan qabanirratti hundaa'uun deeggarsa galii Yatiima kanneeniif argamsiisuu danda'u gumaachaa akka jiran yaadachisanii, kaayyoon deeggarsichaas, maatii yaatima guddisan hiyyummaafi eeggattummaa jalaa baasuuf carraa hojii uumuufi hojiddhabdummaa xiqqeessuuf akka ta'e yaadachisaniiru.

Ittigaafatamtuun Waajjira Dhimma Dubartootaaf Daa'immanii Godina Baalee Aadde Roobdaa Jaarsoo qaamolee deeggarsa kana taasisan galatoomfachuun, tajaajila lammummaa kana keessatti dhaabbileen misoomaafi lammiileen biyyattii hunduu gahee isaa bahachuu akka qaban dhaamaniiru.

Harargee Lixaa Aanaa Gammachiisiitti hojjettoonni Ejensii Geejjibaa aanichaa deeggarsa arjoomtootarraa waliitti qabaniin harree 6fi lukkuu 27 qarshii 43,560n bituun harka qalleeyyiif kennaniiru.

Beeksisa

Arsii

**Waldaa Shariikummaa Biiniyaam,
Kaasahunii Hiriyyootasaa Hojii Ijaarsa
Gamootiif**

**Obbo Biiniyaam Addunyaatiif
B/jirtanitti**

Himataa Obbo Birhaanuu Asaffaafi himatamtoota isin gidduu dhimma falmii cheekii jiru ilaalchisee himatamuu keessan beektanii baallama gaafa 17/11/2016 sa’aa 4:00ii irratti deebii kennuuf guyyaa baallamaa dura hayyamsiisa akka gaafattan, hayyamsiisa kan hin gaafanne yoo ta’e falmiin bakka isin hin jirretti itti fufee murtiin kan kennamu ta’uu manni murtii ajajeera. M/M/OI/Godina Arsii

Aadde Zannabachi Amaan kaartaan mana jireenyaa magaalaa Shaashamannee ganda Aleeluu keessaa qabanii lakk. isaa G-173, ballinni lafasaa M² 200, lakk. iddoo 508/10, sadarkaan eddichaa 2^{ffaa} ta’e na jalaa badeera jedhaniiru. Kanaaf kaartaa kana sababa addaa addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo hin dhiyeessine kuusaa yeroofii bannee kaartaa biraa kan kenninuuf ta’uu beeksifna. W/Lafaa B/Magaalaa Shaashamannee

Obbo Guutuu Guyyee Goobanaa kaartaan mana jireenyaa magaalaa Shaashamannee ganda Awaashoo keessaa qabanii lakk. isaa 2106, ballinni lafasaa M² 296, sadarkaan eddichaa 1^{ffaa} ta’e faayila waliin na jalaa badeera jedhaniiru. Kanaaf kaartaa kana sababa addaa addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo hin dhiyeessine kuusaa yeroofii bannee kaartaa biraa kan kenninuuf ta’uu beeksifna. W/Lafaa B/Magaalaa Shaashamannee

Obbo Malaakuu Meettaa Badhaadhaa nagaheen lafa mana jireenyaa magaalaa Dodolaa ganda Aanolee keessatti argamuu lakk.isaa 873681 ta’e na jalaa badeera jedhaniiru. Kanaaf sababa addaa addaatiin namni nagahee kana qabadheera jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo hin dhiyeessine nagahee eemartii jalaa bade tajaajilaa ala goonee kooppiin nagaheesaa kan kenninuuf tahuu beeksifna. Waajjira Lafaa B/M/Dodolaa

Baalee

Obbo Anaajii Huseen Kuulee warqaan ragaa abbaa qabiyyummaa/saayit pilaanii/ lakk. kaartaa 3037/98 ta’ee magaalaa Roobee ganda Baha Biiftuu keessatti argamu najalaa bade jedhanii waan iyyataniif namni ragaa kana arge ykn kiyya jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti akka dhiyaatu jechaa, yeroo jedhame keessatti yoo hin dhiyaatiin ragaan argamus kan hin tajaajille ta’uu beeksifna. Waajjira Lafaa Bul/Mag/Roobee

Aadde Aliimaa Muhammad Huseen Kuulee warqaan ragaa abbaa qabiyyummaa/saayit pilaanii/ lakk.kaartaa 10188/2008 ta’ee magaalaa Roobee ganda Baha Biiftuu keessatti maqaasaaniin galama’ee argamu orijinaallisaa harkasaaniitii baduu isaa waan iyyataniif namni ragaa kana arge ykn kiyya jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti akka dhiyaatu jechaa, yeroo jedhame keessatti yoo hin dhiyaatiin ragaan argamus kan hin tajaajille ta’uu beeksifna. Waajjira Lafaa Bul/Mag/Roobee

Obbo Hasnaa Maammaa Shaalee warqaan ragaa abbaa qabiyyummaa/saayit pilaanii/ lakk.kaartaa 3035/98 ta’ee magaalaa Roobee ganda Baha Biiftuu keessatti argamu najalaa bade jedhanii waan iyyataniif namni ragaa kana arge ykn kiyya jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti akka dhiyaatu jechaa, yeroo jedhame keessatti yoo hin dhiyaatiin ragaan argamus kan hin tajaajille ta’uu beeksifna. Waajjira Lafaa Bul/Mag/Roobee

Fiqaaduu Badhaadhaa mana jireenyaa magaalaa Gooroo ganda 01 keessatti galmaa’ee beekamu bal’ina lafa isaa kaaremeetira 200 ta’e Buzunash Nuguseetti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate gaazeexaan kun bahee hanga guyyaa 20tti yoo hin dhiyaanne gurgurtaan manaa ni hayyamama. Waajjira Lafaa Bul/Mag/Gooroo

Dabbabaa Maammoofi Iteetuu Tashoomaa mana jireenyaa maqaa armaan oliitiin galmaa’ee magaalaa Gooroo ganda 01 keessatti galmaa’ee beekamu kan bal’inni lafa isaa kaaremeetira 210 ta’e Taganee Warqinah tti gurgurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti yoo hin dhiyaatiin gurgurtaan ni hayyamama. Waajjira Lafaa Bul/Mag/Gooroo

Asnaaqech Asaayyee mana jireenyaa maqaa armaan oliitiin galmaa’ee magaalaa Gooroo ganda 01 keessatti galmaa’ee beekamu kan bal’inni lafa isaa kaaremeetira 200 ta’e Abdulmajiid Muhaammaditti gurgurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti yoo hin dhiyaatiin gurgurtaan ni hayyamama. Waajjira Lafaa Bul/Mag/Gooroo

Obbo Ahimad Abdulmajiid mana jireenyaa maqaasaaniin magaalaa Maliyyuu Burqaa ganda 01 keessatti lafa bal’innisaa 200m² irratti galmaa’ee jiru Obbo Aliyyii Ahimadtti gurguraniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti yoo hin dhiyaatiin jijjiirraan maqaa manaa kan hayyamamu ta’uu beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Maliyyuu Burqaa

Obbo Indaalaa Nugusee mana jireenyaa maqaasaaniin magaalaa Maliyyuu Burqaa ganda 01 keessatti lafa bal’innisaa 250m² irratti galmaa’ee jiru Obbo Dachaasaa Hordofaatti waan gurguraniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti yoo hin dhiyaatiin jijjiirraan maqaa manaa kan hayyamamu ta’uu beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Maliyyuu Burqaa

Girmaa Taakkalaa Dajanee B/Bu’aa Muhaammed Abdallaa mana jireenyaa maqaa armaan oliitiin galmaa’ee magaalaa Gooroo ganda 01 keessatti galmaa’ee beekamu kan bal’inni lafa isaa kaaremeetira 400 ta’e Makiidaa Aliyyiitti gurgurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti yoo hin dhiyaatiin gurgurtaan ni hayyamama. Waajjira Lafaa Bul/Mag/Gooroo

Haashiim Ibraahim mana jireenyaa magaalaa Gooroo ganda 01 keessatti galmaa’ee beekamu kan bal’inni lafa isaa kaaremeetira 200 ta’e Tamasgeen Alemnehitti gurgurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti yoo hin dhiyaatiin gurgurtaan ni hayyamama. Waajjira Lafaa Bul/Mag/Gooroo

Lubaabaa Mujaa’id H/Kadiir mana jireenyaa magaalaa Gooroo ganda 01 keessatti galmaa’ee beekamu kan bal’inni lafa isaa kaaremeetira 200 ta’e Muktaar Amaan Abdootti gurgurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti yoo hin dhiyaatiin gurgurtaan ni hayyamama. Waajjira Lafaa Bul/Mag/Gooroo

Gosaayee Dibaabaa B/Bu’aa Mootummaa Nugusee mana jireenyaa maqaa armaan oliitiin galmaa’ee magaalaa Gooroo ganda 01 keessatti galmaa’ee beekamu kan bal’inni lafa isaa kaaremeetira 200 ta’e Faantuu Tashoomaatti gurgurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti yoo hin dhiyaatiin gurgurtaan ni hayyamama. Waajjira Lafaa Bul/Mag/Gooroo

Abdurahamaan Shamsee B/Bu’aa Abdurazaaq Sh/Ahamed mana jireenyaa maqaa armaan oliitiin galmaa’ee magaalaa Gooroo ganda 01 keessatti galmaa’ee beekamu kan bal’inni lafa isaa kaaremeetira 290 ta’e Muusxafaa H/Ibrootti gurgurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti yoo hin dhiyaatiin gurgurtaan ni hayyamama. Waajjira Lafaa Bul/Mag/Gooroo

Qabeenya uumamaa itti fufiinsaan kunuunsuun, dinagdee magariisaa jijjiirama qilleensaa damdamatu ijaarra!



Gubbisa: Sirna moggaasa maqaa Oromoo Booranaa

Ummani Oromoo bara durii sirna dhugeeffannaafi waaqeffannaasaa, haala naannoo, akkasumas haala yeroorratti hundaa'ee ijoolleesaa maqaa baasa. Kunis Moggaasaan beekama. Moggaasni maqaa kunis ummaticha biratti hariiroo uumaaafi uumamaarratti hundaa'a jedhu qorattoonni seenaa Oromoo. Oromoo Booranaa biratti immoo sirni maq baasaa kun Gubbisa jedhamuun kan beekamu yommuu ta’u, innis ummaticha biratti iddoo olaanaa kan qabuufi hawwii guddaan eegamuudha. Gubbisni kan qophaa’u mucaa dhiiraa isa angafaa qofaaf yoota’u, mucaan dhalatee waggaa tokko erga guutee booda gubbisuun ni danda’ama.

Boorana biratti jilli gubbisaa kun sagantaa guddaa qophiin dursaa taasifamee gaggeeffamuudha. Qorataan seenaafi aadaa Booranaafi Barreessaa kan Obbo Jaatanii Diidaa kanaan dura BBC Afaan Oromootiif yaadaa kennaniin akka jedhanitti sababni Booranni ilma dhiiraasa hangafa qofaaf jila Gubbisaa qopheessuuf falaasama mataasaa qaba jedhanii turan. Akka isaan jedhanitti “Waaqni lafa uumee lafarratti galma dhaabe. Waaqni gaafa galma dhaabu muka dhaddacha jedhaniin lafa dongore. Booranni ‘Waaqayyoo Qaalluu, Waaqa qaalluu shanani ofii galmatti galii, quufaan namari qumbiin na eebbisi’ jedha. "Galmi kan waaqaatii. Mucaa dhalate kana galma waaqaa ijaaree, galmicha keessatti maqaa baasee galateeffata jechuudha” jedhan. Gubbisi jechuun kun Galata jechuudha. Namni kaan yoo tokko gubbise qaalluun ammoo lama gubbisa. Kunis qaalluun nama kaanirra waaqatti dhihoo jedhaamee waan amanamuufi jechuun ibsu.

Akka qorattoonni tokko tokko jedhanitti Oromoon amantaa yaad-rimee raajiiwwan hawwaa kana keessa jiran hubachuufi dhugeeffachuurratti hundaa'ee 'Astrotheology' [qorannoo waa'ee Waaqaa] qaba. Akka amantaa Oromootti guyyaan hunduu ayyaana waaqaa qaba jedhu. Urjii, ji'aafi aduun moggaasa maqaa Oromoo Booranaa keessatti gahee guddaa qabu. Ayyaana daa'imni tokko dhalate, addeessi eessa oole, urjii kam waliin oole kan jedhu ilaalameet moggaafama. Fakkeenyaaf, yoo urjii Sorsaa wajjin oole hiikaa mataasaa qabaata, yoo Ruudaa waliin oole hiikaa biraa qabaata, kanneen biroo akkasuma. Kanaafuu, sirna amantaasaa irratti hundaa'uudhaan Gubbisa /Moggaase maqaa kennaafi.

Ilma Gubbisuuf ayyaantuun guyyaafi yeroo daa'imni sun irra dhalate ilaaluun maqaa baasu. Maqbaasi ijoollee kunis duudhalee sirna Gadaarraatti hundaa'uun raawwatama malee, callisanii akkuma fedhan maatiin ijoollee isaaf maqaa hin baafatu. Daa'imni tokko yeroo gara lafaa dhufu haalaafi yeroo sana bakka bu'a. Kanatu ilaalamee maqaan baha/kennamaafi.

Akka aadaa Oromoo Booranaatti seerri uumamaa, maqaa lafaa, kan namaafi kan seenaa walitti hidhata qaba. Kanaaf maqaan callisee osoo hin taane uumaafi uumama hunda walitti hidhee madaalliisaa eegsisee kan moggaafamuudha. Kun falaasama moggaasa maqaa Oromoo ganamaa ture."Maqaa moggaasuun ayyaana Oromoo digdamii torba waliin walqabata. Daa'imni dhalate ayyaanni inni keessa dhalate maali kan jedhu ilaalameeti.

Jilli Gubbisaa kun hundii adeemsa aadaa keessa dabran kan qabuufi haaldureewwan barbaachisaan qophaa'an ni jiru. Obbo Jaatanii Diidaa akka jedhanitti jalqaba galma jilaatu ijaarama. Galmi kun akkuma nama jila kanaaf waamame irratti hundaa'uun guddachuufi xiqqaachulleen mala. Namni ilmasaa Gubbifatu ijaarsa galmaatiin alatti

kalloo, bunaafi tamboo, sangaa jilaa, torban jilaafi qadaadduu qopheeffata. Qadadduun nama galma dongoruudha jedhu.

Sagantaan Gubbisaa kun bakka hedduutti hanga guyyaa afurii kan fudhatu ta’ulleen kan isaan duralleen gubbisee xumuru inuma jira. “Maatiin yoo akkam xiqqaate hanga loon lamaa jila kanaaf qala. Tokko Sangaa Jilaa jedhan. Sangaan inni biraa ammoo warra galma ijaaruuf qalama. Kun yoo qabaatte malee dirqama miti.

Jila Gubbisaa kanaaf namni loon hin qabne hoolaa jilaaf qala. Yoo hoolaallee dhabe immoo namarraa gaafatee jila kanaaf qala jedhan. Sangaa Jilaa waliif kennu jedhu Booranni. Yoo akka carraa ta’ee barri beelaafi hongee taatee, mucaa hangafaa gubbisuuf loonis ta’ee hoolaan dhabamte ammoo hiddii bakka galmaa kanatti qalu jedhan.

Hiddiin kan filatameefis hiddiin garaasaa keessaa waan akka garaacha loonii fakkaatu waan qabuuf mucaa osoo hin gubbisin darbuurra bara hamtuu taate akkasittilleen gubbifachuun ni danda'ama jedhu Oromooni Booranaa. Ta’iin akkanaa kun Boorana biratti bara ‘cinnaa’jedhamee kan beekamu yoota’u, bara Gadaa Booranaa 55ffaa, bara Minilik Boorana qabate loon dhumee rakkatee Booranni waan akkasii keessa darbe jedhan qorataan aadaa kun.

Namni Gubbisa jilatu namalleen yoo argachuu dadhabe yoo xiqqaate nama torba argachuun garuu dirqama. “Haalli rakkisaan yoo uumame Gubbisaaf namni aadaan barbaaddu namuma torba. Torban jilaa jechuudha. Torban kana argattee jennaan jilachuu dandeessaa. Wanni guddoon aadaan hin hafiniidha malee aadaa maaliin tolfaattee miti,” "Gubbisni waqtii Caamsaafi Waxabajjii kan filatamuyyuu waqtii namni aananfaa itti qabaatu waan ta’efidha,” jedhan Obbo Jaataniin kanaan dura af-gaaffii BBC Afaan Oromoo waliin taasisaniin.

Gubbisni sagantaa maqaa moggaasuu ta’ulleen jilli kun ilma gubbifamu sanaaf guyyaa itti qabeenya horachuu itti jalqabu ta’unis ni himama. Aadaan kun immoo Boorana biratti handhuuraa jedhamee beekama. Firriifi ollaan jila Gubbisaa kanaaf gara galmaa dhufu looniifi qabeenya adda addaa mucaa gubbifamu kanaaf gumaacha. Gubbisarratti mucaa hangafaa kanaaf kennaan gubbisarratti kennamu yeroo barri quufa ta’e hanga loon 100 fi isaa ol illeen ta’uu mala jedhan Aab Jaatanii Diidaa.“Dur warruma firaafi fiixaatu walii kenna. Amma namni walbeeku cufti akkuma walbeekuun walii kenna. Namni tokko yoo mucaa gubbisu akkuma inni uummata keessati hirmaannaa qabuun loon 200 hanga 300 argachuu danda’a. Dur namni garmalee wal jaalatu farda kenna. Amma Motorii walii kennus,” jedhaniiru.

Oromoo Booranaa biratti baay’ee beekamaafi bifa addaatiin kan eegamu jila Gubbisaa yommuu ta’u, Gubbisa kana ilmaan Jaarsaafi Ilmaan Kormaallee haaluma walfakkaatuun Gubbifatu. Gubbisa Ilmaan Kormaa Gubbisa ilmaan Jaarsaa irraa wanni adda taasisu, ilmaan Kormaa kutaalee sirna Gadaatiin waan qoodamaniif, sadarkaa Dabballee isa dhumaatti hunduu



yeroo walfakkaataa maqaa baasu.

Jiloonni Gubbisaa yookaan Maq-baasaa hundii adeemsa aadaa keessa dabran kan qabaniifi adeemsi keessa dabramu kun ayyaantuun ilaalamee ayyaanaafi yeroo walitti fiduun qajeela. Ayyaana dhawaa ilaalamu kanaan ayyaana ilmaan Kormaaafi ayyaana Ilmaan Jaarsaa gargar baasuun yeroon jilaa waggaa, ji'aafi guyyaa itti jilatamu adda bahee firaafi fiixaa, jaalaa soddaafi warratti himatu. Jiloota Gubbisaa Ilmaan Kormaaafi Ilmaan Jaarsaa geggeeffamu keessatti garaagarummaan jiru Galmi Gubbisa Ilmaan Kormaa guyyoota sadiif yoo ijaaramu kan Ilmaan Jaarsaa immoo guyyoota lamaaf ijaarama.

Tibba darbe kanas Ilmaan Kormaa keessaa Obbo Galgaloo Okkotuu ilmasaa angafaa kan gubbifate yoo ta’u, sirna gubbisa isaas Waajjirri Kominikeeshinii Godina Booranaa qindeesse kunooti. Obbo Galgaloo Okkotu Jiloo gosa Booranaa Odituu Iddoo Luba Boruu Guyyooti. Obbo Galgaloon Ilmaan Kormaati. Kanaaf Ilmasaa angafa Gubbisuuf haadha manaasaa Aadde Dhakkii Galgaloo waliin qophii taasisaa tureen Godina Boorana Bahaa Aanaa Dhaas Ganda Goorileetti akkuma aadaatti ayyaana hedatee dhalaa hariyyaa, onaa ollaa, jaalaa soddaa, firaafi fiixaafi warra yaammachuun jilatti seeneera.

Jila kanaaf abbaan jilaa Obbo Galgaloon sangaa jilaa qopheeffatee Kalloo isaa lama, kan haadha manaa tokkoofi akkoo qopheeffachuun qadadduu filatee ergaa qophii taasisseen guyyaa jalqabaatti mukaafi buuyyoo/marga qopheessuun Qadaddoon filatame Galma Gubbisaa dhaabeera. Ijaarsa galmaa kanaafis dubartoonni mukaafi buuyyoo/marga qophaa'een galmi kun ijaaramuun Abbaa Jilaafi Haati jilaa kalloosaanii keeyyachuun dubartoota galma ijaaraniifi namoottan gumaataan dhufan simataniiru. Guyyaa lammeessoo jila Gubbisaa ilma isaanii hangafaatiif keessummoota dhufan simachuun jila geggeeffachaa turaniiru. Guyyaa sadeessoo ilmaan Kormaa Obbo Galgaloo Okkotuufi Aadde Dhakkii Galgaloo ilma isaanii angafaa gubbifataniiru.

Waajjirri Kominikeeshinii Godina Booranaa guyyaa kana sirnicharratti argamuun maanguddoo Booranaa Obbo Jaldeessa Liibanirraa odeeffatee akka gabaasetti guyyaan xumuraa guyyaa jila guddoo ykn galma afaan goodan jedhama. Guyyaa kanatti ijaarsi galma guyyoottan lamaaf ijaaramaa ture xumuramuun dubartoonni weeluu ykn eddoo turtii ijoollee maqaa baasaniifi keessa waariyanii galma guddaa keessatti qopheessuun hanga guyyottan turtii galmi jilaa ijaaramaa tureetti dhalaafi hariyyaan, firaafi ollaan gumaata horii qeencaa/handhuuraa, aannaniifi qarshii warra jilaatiif gumaachaniiru.

Ergaa galma afaan goodaniin

Gara fuula 14tti

Finxaalessummaan summii sab-daneessummaati; haa faccifnu!

Bunnoo Beddellee

Obbo Bafiqaaduu Waggaa lubbuun waan hin jirreef dhaaltota isaanii kan ta’an Aadde Itaageny Andargee, Nigaatuu Bafiqaaduu, Ascannaaqii Bafiqaaduu, Yeexereef Bafiqaaduu, Xaasoo Bafiqaaduu, Abbabach Bafiqaaduufi Efreem Bafiiqaaduunfaa Mana jireenyaa magaalaa Beddellee ganda 01 keessaa lafa bal’innisaa m²360 ta’e irratti maqaa maqaa Obbo Bafiqaaduu Waggaatiin jiru Manni Murtii Aanaa Beddellee dhaaltummaadhaan nuuf mrteesseera. Kanaafuu, kan mormu ykn mirgan irraa qaba jedhu yoo jiraate guyyaa beeksifni kun bahee irraa jalqabee guyyaa 20 gidduutti dhiyaatee akka beeksisu ta’ee, kan hin dhiyaanne yoo ta’e manicha gara maqaa dhaaltotaatti kan naannessinu ta’uu isin beeksifna. Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Beddellee

Obbo Kabbadee Cheriyyee Yinnessuu lubbuun waan hin jirreef dhaaltota isaanii kan ta’an Aadde Shoggee Mulunaa, Efreem Kabbadeefi Salamoon Kabbadee dhaaltotasaanii waan taaneef Mana jireenyaa magaalaa Beddellee ganda 01 keessaa lafa bal’innisaa 360m² ta’e irratti maqaa maqaa Obbo Kabbadee Cheriyyee Yinnessuutiin galamaa’ee jiru Manni Murtii Aanaa Beddellee Lakk.Galmee 49502’n dhaaltummaan nuuf mrteesseera jedhan. Dabalataanis, dhaaltota 1^{affaa} kan ta’an Yoobdaar Kabbadee, Fallaqech Kabbadeefi Toomaas Kabbadeenfaa dhaaltota sadarkaa duraa ta’uu isaanii Manni Murtii Aanaa Beddellee Lakk. Galmee 49507’n nuuf murteesseera jedhaniiru. Kanaafuu, kan mormu ykn mirgan irraa qaba jedhu yoo jiraate guyyaa beeksifni kun bahee irraa jalqabee guyyaa 20 gidduutti dhiyaatee akka beeksisu ta’ee, kan hin dhiyaanne yoo ta’e manicha gara maqaa dhaaltotaatti kan naannessinu ta’uu isin beeksifna. Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Beddellee

Obbo Isnaayin Daliil mana jireenyaa magaalaa Dambii zoonii Lalistuu ganda 01 keessaa qaban ShekTamaam Beekamaatti gurguradheera waan jedhaniif kan mormu yoo jiraate hanga bultii 20tti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Aanaa Dhidheessaa

Gujii

Obbo Sintaayyoo Baddiluu mana jireenyaa Magaalaa Shaakkisoo ganda Dhugoo Awaxaa keessaa qaban lafa kaareemeetira M²200 irratti argamu maqaasaaniitiin galmaa’e beekamu Obbo Dassaalenyi Kifileetti gurguratanii maqaa jijjiiruu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun ba’ee guyyaa 20 keessatti akka dhiyaatu, kan hin dhiyaanne yoo ta’e jijjiirraan maqaa kan raawwatamuuf ta’uu beeksifna.Waajjira lafaa Magaala Shaakkisoo

Obbo Qananiisaa Waamii mana jireenyaa Magaalaa Shaakkisoo ganda Bantii Arbaa keessaa qaban lafa M²200 irratti argamu maqaasaaniiti galmaa’e beekamu Obbo Qaalekiristoos Nugusee bakka bu’uudhaan dabarsanii Aadde Wubiit Girmaatti gurguratanii maqaa jijjiiruu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun ba’ee guyyaa 20 keessatti akka dhiyaatu, kan hin dhiyaanne yoo ta’e jijjiirraan maqaa kan raawwatamuuf ta’uu beeksifna.Waajjira lafaa Magaala Shaakkisoo

Aadde Xuruuworqi Taaddasaa mana jireenyaa Magaalaa Shaakkisoo ganda Biiqqaa Fooraa keessaa qaban ballinnisaa M²200 irratti argamu maqaasaaniitiin galmaa’ee beekamu Aadde Liidiyaa Daawititti gurguratanii maqaa jijjiiruu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun ba’ee guyyaa 20 keessatti akka dhiyaatu, kan hin dhiyaanne yoo ta’e jijjiirraan maqaa kan raawwatamuuf ta’uu beeksifna.Waajjira lafaa Magaala Shaakkisoo

Beeksisa Caalbaasii 2^{ffaa}

Falmii raawwii M/A/mirgaa Obbo Baqqalaa Hirbaayeefi M/A/Idaa Dhugoo Adulaa gidduu jiru ilaalchisee Magaalaa Bulee Horaa ganda Gooroo Guddinaa keessatti qabeenya raawwii himatamaa bal’inni isaa 856.8 KM² irratti ijaaramee kan jiru mana abbaa balbala 14 gatii ka’uumsa caalbaasii qarshii 3,315,000 (miliyoona sadii fi kuma dhibba sadiifi kuma kudha shan) ta’een beeksisa caalbaasii 2^{ffaa} ifa ta’een beeksifni kun guyyaa 24/10/2016 irraa eegalee hanga gaafa guyyaa 24/11/2016 tti qilleensarra turee iddoo bitaafi mirgi argamanitti, raawwii himatamaan kunis hin argamne yoo ta’e bakka inni hin jirretti gaafa guyyaa 25/11/2016 waaree dura sa’aatii 4:00 hanga 6:30 tti caalbaasii ifaan banuun akka gurguramu waan ajajameef kan bitachuu barbaadu kamiyyuu bakkaa, guyyaafi yeroo jedhametti argamuun dorgomuu akka dandeessanii fi bu’aan isaa immoo barreeffamaan beellama gaafa guyyaa 26/11/2016 sa’aatii 8:00 irratti akka dhiyeessan ta’ee, qaamni caalbaasii moo’ate gatii waliigalaa keessaa dhibbeentaa digdamii shan (%25) battalu moo’ateen kan kaffalu ta’ee, kaffaltii guutuu guyyaa caalbaasiin raawwatamee eegalee guyyaa 15 keessatti kan hin kaffalle yoo ta’e caalbaasii moo’ataan mirgasaa dhabuun caalbaasii haaraan irra deebiin kan bahu ta’uu isaa hubattanii dorgomtoonni caalbaasii irratti kan affeeramtan ta’uu ni beeksifna. Mana murtii Olaanaa Godina Gujii Lixaa

Iluu Abbaa Boor

Obbo Takkaaliny Maammoo mana jireenyaa Lakk.kaartaa KP/0065/2015fi Serial Number’n isaa 0041814 ta’een galmaa’ee magaalaa Nophaa ganda 01 keessatti argamu Obbo Yirgaa Waldee Aregaayiittan gurguradha waan jedhaniif namni mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee bultii 20 duratti yoo hin dhiyaatiin hayyamni gurgurtaa ni kennamaafi.Waajjira Lafaa Aanaa Biloo Noophaa

Aadde Muluunesh Warquu mana jireenyaa magaalaa Hurrumuu zoonii D/baas ganda 01 keessaa qaban kan lafa kaaremeetira 200m² irratti argamu Aadde Ballaxech Maammootti gurgureera jedhaniiru. Kanaafuu, namni mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20 gidduutti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Aanaa Hurrumuu

Obbo Zarihun Jaallataa mana jireenyaa magaalaa Hurrumuu zoonii A/Boori ganda 01 keessaa qaban lafa kaaremeetira 777m²irratti argamu Obbo Adigooliny Daanyeetti gurguree jedhaniiru. Kanaafuu, namni mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20 gidduutti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Aanaa Hurrumuu

Balaayi Taasisaa,Tsaayinesh Taasisaafi Almaaz Indiriis mana jireenyaa magaalaa Hurrumuu zoonii Dega baas ganda 01 keessaa qaban kan lafa kaaremeetira 495m²irratti argamu Obbo Mokonnin Tiniimuutti gurguree jedhaniiru. Kanaafuu, namni mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20 gidduutti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Aanaa Hurrumuu

Aadde Dammaqach Gosaa mana jireenyaa magaalaa Hurrumuu zoonii Bilbila ganda 01 keessaa qaban lafa kaaremeetira 200 irratti argamu Tacaawat Aalleetti gurguree jedhaniiru. Kanaafuu, namni mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20 gidduutti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Aanaa Hurrumuu

Aadde Ayyaanee Abddiisaa mana jireenyaa magaalaa Hurrumuu zoonii A/Boorii ganda 01 keessaa qaban lafa kaaremeetira 200 irratti argamu Obbo Ismaa’il Siraajitti gurguree jedhaniiru. Kanaafuu, namni mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20 gidduutti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Aanaa Hurrumuu

Obbo Sharafuu Jibriil mana jireenyaa balbala 1 koodii pilaanii Co11 maqaa isaaniitiin Magaalaa Gordommoo ganda 01 keessaatti argamu Lakk.Kaartaa 0415332 ta`een galmaa’e lafa bal’inni isaa 266M² irratti ijaaramee jiru Obbo Momad Kadiriitti waan gurguraniif jijjiirraa maqaa nuuf haa raawwatu jedhanii gaafataniiru.Kanaafuu Akkaataa Labsii Liizii lafa Magaalaa Lakk.721/2004tiin jijjiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate,beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafa Magaalaa Diiduu

Obbo Cannaqaa Asaffaa mana jireenyaa balbala 1 tajaajila (RE3) kan ta’e Magaalaa Laaloo ganda 01 keessaatti argamu Lakk. Kaartaa 0222973 ta`een galmaa’e lafa bal’inni isaa 200M² irratti ijaaramee jiru Obbo Abbabaa Qashuuraatti waan gurguraniif jijjiirraa maqaa nuuf haa raawwatu jedhanii gaafataniiru. Kanaafuu Akkaataa Labsii Liizii lafa Magaalaa Lakk.721/2004tiin jijjiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate,beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafa Magaalaa Diiduu

Jimma

Obbo Shamsuu Abbaa Maccaa kaartaan lafa duwwaa tajaajila mana jireenyaatiif oolu magaalaa Jimmaa ganda B/Booree keessatti argamuu lakk. isaa 2248/2000 ta’e na jalaa badeera jedhaniiru. Kanaaf qaamni ragaalee kana sababa addaa addaatiin qabadheera jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo hin dhiyeessine kaartaan kanaan dura kennameef tajaajilaan ala akka ta’eetti lakkaa’amee kan biraan hojjetamee kan kennamuuf ta’uu ni beeksifna. W/L/M/ Jimmaa

Obbo Abdulwahaab Ahimad Fattoo kaartaan lafa tajaajila mana jireenyaatiif oolu magaalaa Jimmaa ganda Hermaataa keessatti argamuu lakk. isaa 2248/2009 ta’e na jalaa badeera jedhaniiru. Kanaaf qaamni ragaalee kana sababa addaa addaatiin qabadheera jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo hin dhiyeessine kaartaan kanaan dura kennameef tajaajilaan ala akka ta’eetti lakkaa’amee kan biraan hojjetamee kan kennamuuf ta’uu ni beeksifna. W/L/M/ Jimmaa

Waldaan Muluu Wangeel kaartaan lafa tajaajila mana amantaatiif oolu magaalaa Jimmaa ganda S/Samaroo keessatti argamuu lakk. isaa 2658/2010 ta’e nu jalaa badeera jedhaniiru. Kanaaf qaamni ragaalee kana sababa addaa addaatiin qabadheera jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo hin dhiyeessine kaartaan kanaan dura kennameef tajaajilaan ala akka ta’eetti lakkaa’amee kan biraan hojjetamee kan kennamuuf ta’uu ni beeksifna. W/L/M/ Jimmaa

Shawaa

Aadde Buzunash Caalaaf B/jirtaniti

Himataa Obbo Warqinaa Wandimmuufi himatamtuu isin gidduu falmii hariiroo hawaasaa diiggaa gaa’elaa jiru ilaalchisee, dhimma gaa’elaatiin himatamuu keessan beektanii baallama gaafa 16/11/2016 sa’aa 4;00 irratti akka dhiyaattan manni murtii ajajeera. M/M/A/Kut/Ma/Duukam

Aadde Yashii Deebisaa kaartaan Bulchiinsa Magaalaa Shaggar kutaa Magaalaa Sabbataarraa isaanii kenname lakk.isaa 11/22417/2001 ta’e maqaa isaaniitiin galmaa’ee kennameef na jalaa badeera jedhaniiru.Kanaafuu namni Kaartaa kana argee ykn sababa adda addaatiin qabadheera jedhu,beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti qaama dhimmi ilaaluuf akka deebisu,yoo kun ta’uu baate kan duranii akka badeetti lakkaa’ame haftee orjinaalaa faayila keessa jirurraa koppiin mirkanaa’ee kan kennamauuf ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa kutaa Magaalaa Sabbataa

Obbo Dastaalam G/Liibaanosiif B/jirtanitti

Iyyattuu Aadde Warqituu Shawaayyeefi waamamaa isin gidduu falmii murtiin badinsaa naaf haa mirkanaa’uu jiruuf mana murtii kanatti waamamuu keessan beektanii baallama gaafa 15/11/2016 sa’aa 4;00 irratti akka dhiyaattan Manni Murtii ajajeera. M/M/A/Kutaa Magaalaa Dhibaayyuu

Alamaayyoo Awuraarisiif B/J

Himataan Baankii Daldalaa Itoophiyaa damee Lamlam Xaabiyaafi himatamaa isin gidduu falmii qarshii jiru ilaalchisee, himatamuu keessan beektanii baallama gaafa 17/11/2016 sa’aa 5;00 irratti Chaarjii himannaa kutaa ofisara seeraa Mana Murtii Olaanaa Magaalaa Bishooftuutii fudhattanii dhiyaattanii akka falmattan, kan hin dhiyaanne yoo tahe, falmiin bakka isin hin jirretti murtiin kan kennamu ta’uu manni murtii ajajeera. M/M/ Ol’aanaa Magaalaa Bishooftuu

Dargaggoonni ilaalcha misoomawaafi dimookiraatawaa qaban haaromsa keenyaaf murteessoodha!

Baankiin Siinqee W.A Qabeenya armaan gadii bu’uura Aangoo Labsii 97/1990 (akka fooyya’etti) 216/1992 fi 1147/2011 kennameefiin gurguruu barbaada

T.L	Maqaa Liqeefataa	Maqaa Nama qabeenya qabsiisee	Damee Liqeesse	Teessoo Qabeeya Caalbaasiif dhiyaatee, Lakk.Kaartaa, fi Bal’ina Lafichaa				Ka’umsa Caalbaasii Qarshiidhaan)	Yeroo Caalbaasiin itti gaggeeffamu		Marsaa Caalbaasii/ Caalbaasiin kan ba’e
				Qabeenya Caalbaasiif dhiyaate	Magaala/Kutaa Magaalaa/ Aanaa/ Gandaa/Lakk.Manaa	Lakk. Kaartaa	Bal’inaa fi Sadarkaa Lafichaa		Guyyaa	Yeroo (Sa’atii)	
1	Salamoon Tasfaayee Caalchisaa	Salamoon Tasfaayee Caalchisaa	Art. Alii Birraa	Mana Jireenyaa	Bulchiinsa Magaalaa Shaggar, Kutaa Magaalaa Sabbataa, ganda 01	S/13164/2000	Bal’inni lafichaa 160 m², Sad. Lafichaa 2 ^{ffaa}	4,510,444.20	13/12/2016	Waaree dura sa’a 4:00-6:00	1 ^{aa}

Dambiiwwan Caalbaasii:

- 1) Dorgomaan ykn bakka bu’aan seeraa dorgomaa gatii ka’umsaa Caalbaasichaa 1/4^{ffaa} Ajaja Baankii /C.P.O/ dhaan mirkanaa’e qofa qabsiisuun galmaa’uun dorgomuu ni danda’a. Dorgomaan Caalbaasicha mo’ate guyyaa 15 (kudha shan) keessatti gatii qabeenyicha ittiin mo’ate kaffalee kan hin xumurre yoo ta’e, Qarshii qabsiise baankichaaf galii ta’ee, caalbaasichi kan haqamu ta’a. Dabalataan garaagarummaa gatii qabeenyichi caalbaasichaaf irra deebiin ba’uun uumamuuf itti gaafatamaa ta’a. Dorgomtoota caalbaasicha mo’atamaniif ajaja baankii /C.P.O’n qabsiisan guyyaadhuma sana deebi’aaf.
- 2) Caalbaasii irratti argamuu kan danda’u dorgomaa, liqeeffataa fi qabsiisaa qabeenya ykn bakka bu’aa seeraa isaanii qofa ta’a.
- 3) Caalbaasichi kan adeemsifamu teessoo/bakka qabeenyi kun argamutti ta’a.
- 4) Kaffaltii Liizii fi kanneen biroo bitataan bu’uura seeraatiin akka kaffaluuf murtaa’ee/ dirqamu kanneen Taaksii waliin walqabatan bitataan/mo’ataan battala caalbaasii mo’atee qabee kan kaffalu ta’a.
- 5) Waldaan Daldalaa Waldicha bakka bu’ee caalbaasicha irratti dorgomuu barbaade sanada aangoo qaamaa seerummaa qabaachuu isaa agarsiisu (Barreeffama Hundeeffamaa fi ykn Dambii ittiin Bulmaataa) fi aangoo bakka bu’iinsa seeraa qabatee dhiyaachuu qaba.
- 6) Baankichi karaa mijaawaa biroo yoo argate, Caalbaasicha guutummaatti ykn gar-tokkeen haquuf mirgi isaa kan eegaamedha.
- 7) Namni qabeenya caalbaasiif dhiyaate kana ilaaluu barbaadu, Damee kana beellama qabsiifachuun ilaaluu ni danda’a.
- 8) Bakki caalbaasiin itti gaggeeffamu bakka qabeenyichi itti argamutti ta’a.
- 9) Odeeffannoo dabalataaf: Lakkoofsa bilbilaa Baankii Siinqee Kutaa Tajaajila Seeraa (011-557-6016), Damee Art. Alii Birraa (0113852602) ta’e irratti bilbiluun gaafachuun ni danda’a.

Baankii Siinqee W.A

D/A

Aadde Tigist Kadir Suriri kaartaa fi pilaanii Lakk. kaartaa isaa S/197187/01 lakk.nagahee isaa 033829 fi lakk.galmee T-4021 ta’een galmaa’ee naaf kenname mana galmee keessaa waan badeef kan biraa naaf haa kennamu jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu nagahee kana namni arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 30 keessatti tooftaa kaminuu yoo beeksifachu baate, ragaa abbaa qabiyyee (kaartaa) kan biroo baafachuu kan danda’an ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafa Kutaa Magaalaa Furii.

Latabiraan Birhaanee waraqaa ragaa qabiyyee mana jireenyaa Magaalaa Hoolataa ganda Gooroo Qeerransaa keessatti argamu Kaartaa Lakk.isaa 11/22417/629/82 ta’ee galmaa’ee waan na jalaa badeef kan biraa bakka bu’ee naaf haa kennamu jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu, namni ragaa kana arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee kaasee guyyaa 30 keessatti akka deebisuu. Kana ta’uu baannaan ragaa kan biraa bakka buufnee kan kenninuuf ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Hoolataa.

Obbo Badhaadhaa Gammadaatiif B/J

Ol iyyattuu Kibbii Mootiifi isin jidduu falmii waliigaltee gurgurtaa mana jireenyaa jiru ilaalchisee himatamuu keessan beektanii baallama gaafa 17/11/2016 sa’aa 4;30 irratti akka dhiyaattanii falmattan, kan hin dhiyaanne yoo tahe bakka isin hin jirretti murtiin kan kennamu ta’uu Manni Murtii ajajeera. M/M/ Ol/Go/Shawaa Kaabaa

Aadde Birqii Shaashoo Hurbuu Kaartaa lakk. isaa S/00574/2012 ta’e maqaa isaanitiin galmaa’ee kennameef na jalaa badeera jedhanii Waajjira keenyatti iyyataniiru. Kanaafuu qaamni nagahee kana sababa adda addaatiin qabadhe jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun gaazexaadhaan maxxanfamee bahe irraa eegalee 30 keessatti tooftaa kamiinuu yoo beeksifachuu baate kan biroo baafachuu kan danda’u ta’uu ni beeksifan. Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Galaan Guddaa.

Obbo Shaashoo Hurbuu Odaa Kaartaa lakk.isaa S/00578/2012 ta’e maqaa isaanitiin galmaa’ee kennameef na jalaa badeera jedhanii Waajjira keenyatti iyyataniiru. Kanaafuu qaamni nagahee kana sababa adda addaatiin qabadhe jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun gaazexaadhaan maxxanfamee bahe irraa eegalee 30 keessatti tooftaa kamiinuu yoo beeksifachuu baate kan biroo baafachuu kan danda’u ta’uu ni beeksifan. Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Galaan Guddaa.



Muuxannoo

Masarat Amanaa

Qellem Wallaggaatti dargaggoonni hojii qonnaarratti hirmaataa jiran fayyadamaa ta'aa jirra jedhan

Rakkoo nageenyaa mudateen walqabatee godinaalee Wallaggaa keessatti nama halaala taa'ee ilaaluuf hojiin misoomaa abjuu fakkaata. Haata'u malee, tibba darbe daawwannaan misooma qonnaa Biiroo Qonna Oromiyaan durfamu godinaalee Wallagga Bahaa, Wallagga Lixaafi Qellem Wallaggaatti wayita taasifneetti hojiiwwan nama jajjabeessan hedduu argineerra.

Dargaggootni godinaalee Wallaggaa waldaan gurmaa'uun hojiilee misoomaa adda addaarratti hirmaachaa jiru. Dargaggootni waldaan gurmaa'uun Wallagga dabalatee akka biyyaattuu oomishaaleesani gaba giddugaleessaaf dhiyeessaa jiran hedduudha.

Godinni Qellem Wallaggaa kanaan dura omisha ruuziin beekamuu baatus qorannoo mootummaan naannichaa taasiseen godinichi oomisha ruuziif mijataa ta'uun beekameera. Bara kana qofa godinichatti omisha ruuziirraa callaan kuntaalli miliyoona 5.5 akka eegamu bulchaan godinichaa Obbo Gammachuu Gurmeessaa himaniiru.

Dargaggootnis waldaadhaan gurmaa'anii oomisha ruuziirratti bobba'uu hubanneerra. Nutis imala keenya keessatti yaada dargaggoota hojiilee garaagaraarratti bobba'anii dubbisne tokko tokko akka armaan gadiitti dhiyeessineerra.

Dargaggoo Abirhaam Eeliyaas jiraataa magaalaa Dambi Doolloo yommuu ta'u, kanaan dura oomisha boqqolloorratti bal'inaan hirmaachaa turuu dubbata. Haata'u malee, kallattii mootummaan naannichaa gad buuseefi deeggarsa ogummaa isaaf taasifameen yeroo jalqabaaf lafa hektaara 10 qotuun ruuzii kuntaala 210 argate. Bara darbe daangaa oomishasaa bal'isuun lafa hektaara 20 irraa callaa kuntaala 400 argachuu danda'eera.

Dargaggoon kun maashina ruuzii qolasaarraa adda baasuufi hororu bitachuun ammaan tana ruuzii kiiloo tokko qarshii 95n gabaaf dhiyeessaa jira. Ruuzii inni oomishu orgaanikii waan ta'eef namoota biratti hedduu barbaadama. Sadarkaa Oromiyaattis kuntaala 100 dhiyeessuuf Buusaa Gonofaa waliin dubbataa jira. Kaayyoonnsaa oomishasaa ruuzii kana babal'isuun biraandii ykn Maqaa Qellem Wallaggaan gaba alaatti ergee sharafa alaa argamsiisuu akka ta'es dubbateera.

Dargaggoo Margaa Kumarraa Godina Qellem Wallaggaa, jiraataa Aanaa Sadii Caanqaa yommuu ta'u, Kolleejjii Allaageerraa saayiinsii beyladaan bara 2015 eebbifamuu dubbata. Dargaggoon kun akka warra kaanii hojii mootummaa barbaacha yeroofi maallaqasaa qisaasessuu dhiisee waldaan gurmaa'uun booyyee horsiisuurratti bobba'e. Yaaliif booyyee torba qarshii kuma 200tti tilmamaman horsiisuu eegalanis ji'oota muraasa booda booyyeen wal horuun yeroo ammaa kana booyyewwan wal horanii gatiisaanii tilmaamsisuun qarshii miliyoona tokkoo ol akka baasan ibseera.

Kaampaanota guguddaa booyyee horsiisan wayita



Dargaggoo Abirhaam Eeliyaas Dargaggoo Roobaa Shandee Durbee Saaraa Baacaa

gaafatanittis foon booyyee kiilogiraamii tokko qarshii 600 ol ta'uu odeeffachuusaas ibsuun, fuulduratti booyyee kana cinaatti horsiisa beyladaarratti hirmaachuuf akka waldaatti karoora qabaachuu ibseera.

Dargaggoo Girmaa Ejjetaa Godina Wallaggaa Lixaatti, Gageessaa Hojii Yuuniyeenii Hojii Gamtaa Aanaa Najjootti. Yuuniyeeniin kun mankuusaa sadarkaasaa eeggate ijaarrachuun oomisha boqqolloo qonnaan bultootarraa walitti qabuun rakkoo beelaa maqsuuf Buusaa Gonofaa Oromiyaafi Hoggansa Sodaa Balaa Federaalaaf dhiyeessaa jira. Yuuniyeenichi bara 1998 qarshii kaappitaala kuma 106n hundeeffamus yeroo ammaa kaappitaallisaa qarshii miliyoona 80 ga'eera. Dargaggoon kun miseensaa hanga hoggansaatti hojjechuun jireenyasaa fooyyaffachuu dubbata.

Kana malees, yuuniyeenichi gama tokkoon qonnaan bulaan oomishaasaa gatii gaariin akka gurguratu, gama kaaniin ammoo namoota 105 ta'aniif carraa hojii uumeera. Ammaan tanas hanqina nyaata beyladaa akka biyyaattuu rakkoo ta'e jiru furuuf bakka omisha nyaata beeyiladaafi horsiisa beeyiladaa qarshii miliyoona 150 oliin hojjechaa jiru. Yuuniyeeniin kun Godina Wallaggaa Lixaa bira darbee sadarkaa Oromiyaafi federaalaatti omishaalee dhiyeessuun dargaggoon abdi biyyaa ta'uu kan mirkaneessudha.

Dargaggoo Roobaa Shandee Godina Qellem Wallaggaatti, jiraataa aanaa Laaloo Qilee ganda Saggoo yommuu ta'u hojii biqiltuu bunaa guddisuurratti waldaan gurmaa'ee hojjechaa jira. Dargaggoo Roobaafi hiriyoontnisaa fuulasaanii gara hojiitti deebisuun ofis maatiisaanii deggaraa jiru. Waa'ee hojii malee ajandaan siyaasaa dantaasaanii miti. Garuu ammoo muuxannoo qabutti fayyadamee biqiltuu bunaa omishuu qofa osoo hintaane bal'inaan dhaabuuf nageenyi godinichaa guutummaatti akka waara'u fedha.

Akka dargaggoon kun jedhutti, biqiltuu bunaa sanyii filatamaa guddisuun sadarkaa biqiltuutti gurguruufis ta'e dhaabanii firii irraa argachuuf bu'aansaa olaanaadha. Bunni sanyii filatamaa kun waggaa sadii keessatti omisha kennuu waan eegaluu

filannoo qonnaan bultoota hedduuti. Kanaafuu, dargaggootni hojii dhabeeyyiin godinichaa biqiltuu bunaa misoomsuurratti yoo hirmaatan yeroo gabaabaa keessatti qabeenya horachuu akka danda'an hubachiiseera.

Hojii biqiltuu bunaa omishuurratti kan hirmaatan dargaggoota qofa osoo hintaane Shamarranis jiru. Durbee Saaraa Baacaa omisha biqiltuu bunaarratti bobba'uun jiruufi jireenyashee geggeeffachaa jirti. Kana dura Abbaasheetu waldaan gurmaa'ee biqiltuu bunaa omishaa ture. Saaraanis faanuma abbaashee dha'uun hojii kanarratti bobba'uu dubbati.

Yeroo barnootaa barumsa barachaa wayita boqonnaa ammoo biqiltuu kana kunuunsiti. Qarshii achirraa argattu keessaa dhibbantaa 50 wayita qusattu kaanitti ni fayyadamti. Hojjetanii jijjiiramuun kaayyoodha malee dhiiraafi dubartummaa hingaafatu. Fuuldurattis boolli bishaanii osoo jiraate biqiltuu bunaa qopheessuu qofa osoo hintaane dhaabuufis hirmaachuuf qophii ta'uu dubbatti.

Dhugumaanuu biqiltuun bunaa dargaggoota kunneeniin misoomaa jiru magariisummaan isaa qalbii namaa booji'a. Kunuunsaafi eegumsa taasifamurraa kan ka'e baalli biqiltuu kanaa tokkollee citee lafatti hin argamu. Akka carraa ta'ee buna sanyii filatamaa kana oyiruurratti arguu dandeenyeerra. Akkuma biqiltuunsaa namatti tolu ija danuu naqachuun oyiruutti simboo gochuun baay'ina firiisaarraa kan ka'e gad jechuun nama simata.


Akka biyyaattis ta'e Oromiyaatti qulqullina bunaaf xiyyeeffannoon addaa kennameera. Godinni Qellem Wallaggaa buna qulqullina hinqabne gabaala gochuufi hojii qulqullina bunaa mirkaneessuurratti cimee hojjetaa jira. Dargaggootni biqiltuu buna sanyii filatamaa omishuurratti bobba'an baay'inaafi qulqullina bunaa dabaluu keessatti shoora guddaa taphachaa jiraachuu qaamaan achitti argamuun taajjabneerra.

Walumaagalatti, dargaggootni godinaalee Wallaggaa irra jireessaan hojii misooma garaa garaa keessatti hirmaachuun ofiifi biyyasaaniif gaachana ta'uu mirkaneessaa jiru.

Daneessummaan miidhagina malee sodaa miti



Hizqi'eel Tashoomaa



Raawwii hojiiwwan gurguddoo Abbaa Taayitaa Misooma Albuudaa bara 2016fi bu’aalee argaman

Bara bajataa 2016 darbetti akka Naannoo Oromiyaatti karoorawwan misoomaa xiiqii garaa garaa qophaa’uun gama misooma dinagdeetiin hojiiwwan bal’aan hojjetamaa turaniiru. Karoorawwan xiiqiifi hixatoo naannichatti jijjirama bu’uuraa fiduu danda’u jedhamuun karoorfamanii hojiirra oolaa turan keessaa Dameen Misooma Albuudaa ijoodha.

Abbaan Taayitaa Misooma Albuudaa Oromiyaa naannichatti karoora xiiqii qopheessuun caasaasaa sadarkaan jiru waliin sadarkaa boqonnaa qophiitti haala hojiitti hiikuun danda’amurratti mari’achuun gahee dameen albuudaa dinagdee naannoofi biyyaa keessatti qabachuu qabu miilkessuuf hojiiwwan bal’aan hojjetamaa kan turaniifi kanaanis bu’aaleen gaariin kan argaman ta’uu ragaan mana hojichaa ni mul’isa.

Bu’uuruma kanaan, abbaan taayitichaa hojii qorannoofi adda baafannaa albuudotaarraa eegalee hanga albuudota gabaa biyya alaatiif dhiyaatan oomishuun sharafa alaa argamsiisuu, kan alaa galaa turan kan biyyaan bakka buusuufi sharafa alaa bahuu danda’u hambisuun bara hojii 2016 xumurame kana keessatti bu’aaleen abdachiisoon galmaa’aniiru. Akkasumas hojiilee misooma albuudaa hojjetaman keessattii carraan hojii bal’inaan akka uumamu taasisuufi galii damee kanarraa argamu guddiisuuf hojiin hojjetamaa ture galmoota qabame waliin yeroo ilaalamu abdii kan namaaf kennan akka ta’edha ragaan barreeffamaa gabaasa raawwii mana hojichaarraa argame kan eere.

Fuula dinagdee keenya torban kanaatiin ragaa barreeffamaa gabaasa raawwii abbaa taayitichaa bara bajataa 2016 Daayirektoreetii Komunikeeshiiniinii mana hojichaarraa arganne haala armaan gadiitiin qindeessinee isiniif dhiyeessineerra. Barreeffama kanaanis, hojiilee gurguddoon hojjetaman, bu’aaleen argaman,ciminoonni, hanqinoonni, rakkooleen xiyyeeffannaa barbaadaniifi kallattiwwan hojii sektarichaa yeroo itti aanuuf kaa’aman hammatamaniiru.

Qorannoofi adda baafannaa albuudaalee:

Bara bajataa 2016 darbe keessatti qabeenya albuudaa naannicha keessa jiran qorachuun adda baasanii beekuuf hojiiwwan hojjatamaniin hanga kurmaana 4ffaatti waggaatti albuudota km2 1,302 adda baasuuf karoorfamee km2 1,391 adda ba’aniiru. Albuudonni kunneenis, Kaoline, Tantalami, doolmaayitii (Dolmite), Warqee (Gold), Saandistoonii (Sandstone), Kaalsaaayiti giraanaayitii (Calcite Granite), Kooparii (copper), Cilee (Coal),Iskooriyaa (Scoria), Nooraa (Limestone)” fi kkf godinaalee 21 keessatti kan adda ba’an tauudha ragaan mana hojichaa kan ibse. Waliigala Naannicahtti bara 2012 irraa eegalee hojii adda baafannaa qabeenya

albuudotaa gegeeffamaa tureen Godinaalee armaan olii keessattii lafa km2 3,058.4 irratti albuudonni akaakuun 73 adda ba’anii beekkamaniru.

Gama kenninsa hayyamaafi saartafikeetii ga’umsa dandeettii hojilee albuudotaatiinis bara kana bajataa darbetti hayyama 2fi 395 kennuuf karoorfamee hanga kurmaana 4ffaatti hayyama 2fi 127(%89) raawwatameera. Albuudota gatii jabeessa (precious minerals) Albuuda Warqee kg 6,754 oomishee Baankii Biyyaalessaatiif akka dhiyaatuuf karoorfamee, hanga kurmaana 4ffaatti kg 3,217 (%48) akka dhiyaatu ta’eera. Albuuda miidhaginaa kg 18,171 oomishuun gabaa biyya alaatiif dhiyeessuuf karoorfamee kg. 19,722 karooraa ol raawwatameera.

Galii misooma albuudotarraa argame:

Abbaan Taayitaa Misooma Albuudaa Oromiyaa bara bajataa xumurame keessatti naannichatti galii al-ergii misooma albuudaaleerraa Doolaara Ameerikaa miiliyoona 200 fi miiliyoona 65fi kuma 72fi 800 argamsiiseera. Kana malees, galii al-ergii (sharafa biyya alaa Doolaara Ameerikaa miliyoona 43fi kuma 78fi 424 silaa mootummaan baasu akka fau taasifameera. Oomisha misooma albuudaalee biyya keessaarraa galii argamu guddisuuf hojiilee hojjetamaniinis bara kana oomisha albuudotaarraa qarshiin biliyoonni 1, miliyoonni 804fi kumni 429fi 746 akka argameedha ragaan abbaa taayitichaa kan eere.

Carraa hojii misooma albuudaatiin uumame:

Hojiilee Mootummaan Naannoo Oromiyaa bara bajataa xumurametti xiyyeeffannaa guddaan irratti hojjechaa ture keessaa inni guddaan tokko namoonni hojii barbaadan seektaroota adda addaa keessatti carraa hojii akka argatan taasisuudha. Misoomni albuudaalees seektaroota carraan hojii bal’inaan keessatti uumaman keessaa tokkoodha. Kanaaf, Abbaan Taayitaa Misooma Albuudaa Oromiyaa bara bajataa 2016 xumurame keessatti hojii dhaabbiiifi yerootiin namoota kuma 165fi 702 ta’aniif carraan hojii akka uumamu taasiseera.

Gama biraatiin, fandii deebisanii misoomsuu qar. miiliyoona 34fi kuma 666 fi 323 ramachiisuun danda’ameera. Fandii misooma hawaasaa miiliyoonni 27fi kumni 32fi 761’s galii akka ta’u hojjetameera akka ragaan abbaa taayiticharraa argame ibsetti fandii misooma hawaasaa qar. kana malees, qar.miliyoona 15fi kuma 536fi 253 ta’uun pirojeektonni misoomaa adda addaa ittiin hojjetamanii jiru.

Hojii tajaajila lamummaatiin sadarkaa naannoofi godinaatti hawaasa kuma 53fi 976 hirmaachisuun hojiiwwan tajaajila lammummaa qar. miiliyoona 10fi kuma 15fi 962tti tilmaaman kan hawaasni kumni 482fi

475 irraa fayyadamaa ta’us hojjetamaniiru.

Walumaagalatti Abbaan Taayitaa Misooma Albuudaa Oromiyaa bara bajataa 2016 xumurame keessatti sadarkaa hundatti hojii hojimaataan hogganuu, rifoormii haaraan hojiirra oolee jijjirama agarsiisaa jiraachuu, ragaaleen hayyamaafi qabeenya albuudaa naannichaa karaa ammayyaa’een qindaa’uun gara ’GEO DATA BASE’ keessa galchuun jalqabamuu, tekinooolojii fayyadamuun godiinaaleefi magaaloota waliin karaa idilaa’een geggeeffamaa jiraachuu, deeggarsaafi hordoffiin itti fufinsa qabu garee ijaaruufi hooggansi qaamaan gadii bu’uun deeggaruu, raawwiin hojii oomisha albuudaalee gaba biyya keessaafi alaatiif dhiyaataniifi carraa hojii uumuufi gama galii biyya keessaa gddisuutiin hojiilee hojjetamaniin bu’aaleen argaman akka ciminoota mana hojichaa ta’uudha ragaan mana hojichaa kan ibse.

Sadarkaa hundatti hoggansa walfakkaataa kennurrattiifi sababa keessaa bahanii hoogganu dadhabuu, raawwiin walfakkaachuu dhabuufi hojilee raawwataman galma kaa’meen madaaluu dhabuufi hojimaata ka’ameen hogganamuufi hojii safaranii kennanii safaranii fudhachuurratti akkasumas raawwii hojii qabatamaa bu’uura godhachuun hojjetaa madaalaa deemuurratti qaawwii jiru ammoo hanqinoota xiyyeeffannaa barbaadanidha.

Rakkoolee gurguddoo xiyyeeffannoo barbaadan:

Alseerummaa daldalaa seektaricha keessatti darbee darbee mul’dhatu sadarkaa barbaadameen to’achuu dadhabamuufi rakkoon nageenyaa darbee darbee mul’dhatu hojii misooma Albuudaarratti hudhaa ta’ee jira. Rakkoo kanarra aanuuf immoo tumsi qaama hundaa murteessaa akka ta’e ragaan mana hojichaarraa argame eereera.

Kanaafis, xiiqiifi haala beekanii hogganuun, duudhaa Oromummaa gonfateen hojjechuu, yeroo karoorfamu pootenshaala jiru sirritti adda baasuun karoora hiixata, hirmaachisaafi iftoomina qabuufi hojiitti hiikamuu danda’u qopheessuun hojjechuun murteessa akka at’ees ragaan kun ni agarsiisa.

Hojiin yeroofi namaan caccabee kennamuu akka qabuufi sirni itti gaafatamummaa akka jiraatu taasisuun bu’aan damee kanarraa argamuu qabu akka argamuuf hoggansiifi ogeessi sektarichaa sadarkaan jiru hundi hojjechuuf dirqama akka qabu Hogganaan Abbaa Taayitichaa Obbo Bazzuu Waaqbeekaan gammaaggama raawwii hojii sektarichaa tibba darbe Magaalaa Adaamaatti geggeeffamerratti kallatti kenaniin himaniiru.

Galaanaa Kumarraatiin

Barumsi naannoo hubannoo hawaasaa guddisuudhaaf shoora guddaa qaba!

Jufaaree Isheetee Kaartaa mana jireenyaa Lakk.2012A/13 ta’een Magaalaa Adaamaa ganda M/A keessatti galmaa’ee keenameef waan na jalaa badeef kan biraa bakka bu’ee naaf haa kennamu jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu qaamni ragaa kana arge yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti waajjira keenyatti dhiyaachuudhaan akka beeksiftan,kun kan hin taanee taanan kaartaa kan biraa bakka buufnee kan kennamuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Adaamaa

Obbo Baqqalaa Isheetuu fi N-7 bakka bu’aa Obbo Isheetuu Dastaa Nagahee Lakk.isaa 0162275 kan ta’e maqaa Obbo Isheetuu Dastaatiin Magaalaa Duukam keessatti galmaa’ee kennameef waan na jalaa badeef kan biraa bakka bu’ee naaf haa kennamu jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu namni nagahee iddoo mana jireenyaa isaanii kana arge ykn sababa adda addaatiin kan qabate yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee irraa kaasee guyyaa 20 keessatti yoo hin dhiyaatiin abbaa qabeenya kanaaf tajaajila barbaaddan nagahee koppiin kan keessumeessinu ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Duukam.

Aadde Tibilits Taklee Nagahee Lakk.isaa 1924746 ta’e maqaa Aadde Liyyuuwarq Ashabbir’tiin galmaa’ee argamu waan jalaa badeef ragaan bade kun bakka bu’ee akka kenninuuf gaafataniiru.kanaafuu, namni mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 30 keessatti yoo dhiyaachuu baate ragaa bade kun bakka bu’ee kan hojjenne kan kenninuuf ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Buraayyuu.

Obbo Sintaayyoo Tarrafaa Kaartaa mana jireenyaa Lakk.BMG1474/2001 ta’een maqaa isaaniitiin Bulchinsa Magaalaa Shaggaritti Kutaa Magaalaa Galaan keessatti galmaa’ee keenameef waan na jalaa badeef kan biraa bakka bu’ee naaf haa kennamu jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu qaamni ragaa kana arge yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti waajjira keenyatti dhiyaachuudhaan akka beeksiftan,kun kan hin taanee taanan kaartaa kan biraa bakka buufnee kan kennamuuf ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Bulchiinsa Shaggaritti Kutaa Mag/Galaan.

Obbo Tasfaayee Hoomaa Lakk. Nagahee 170707 ta’een galmaa’ee naaf kenname na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru.Kanaafuu nagahee kana namni arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 30 keessatti tooftaa kaminuu yoo beeksifachu baate, nagahee kan biroo baafachuu kan danda’an ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafa Kutaa Magaalaa Furii.

Obbo Giruum Yohaannis Zallaqaa nagahee mirriitii 671330 kan bara 1991 ta’e na jalaa badeera waan jedhaniif, qaamni nagahee kana sababa adda addaatiin qabadhe jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahe irraa kaasee guyyaa hojii 10 keessatti Waajjira Lafa Magaalaa Muka Xurriitti yoo deebisuu baate nagahee fi waraqaan abbaa qabeenyummaa kun tajaajila kamiyyuu kan hin kennine ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Muka Xurrii.

Obbo Sa’id Abdul Hafiz Kaartaa Lakk.3120/2012 ta’een maqaa isaaniitiin Magaalaa Mojoo ganda Malkaa Lammii keessatti galmaa’ee keenameef waan na jalaa badeefkan biraa bakka bu’ee naaf haa kennamu jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu qaamni ragaa kana arge yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti waajjira keenyatti dhiyaachuudhaan akka beeksiftan, kun kan hin taanee taanan kaartaa kan biraa bakka buufnee kan kennamuuf ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Mojoo.

Aadde Saadiyaa Said Lakk. Nagahee 1502636 ta’een galmaa’ee naaf kenname na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu nagahee kana namni arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 30 keessatti tooftaa kaminuu yoo beeksifachu baate, nagahee kan biroo baafachuu kan danda’an ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafa Kutaa Magaalaa Furii.

Sirreeffama
Gaazexaa Kallacha Oromiyaa Bara 31 Lakk. 35^{ffaa} Adoolessa 04 bara 2016 maxxanfamee baherratti beeksisa Obbo Zawuduu Katamaa Goowee baasifatan keessattii Lakk.kaartaa isaa BMG/K/I/ZK1/75/2014 ta’e lafa mana jireenyaa jedhamee kan bahe dogoggoraan waan ta’eef lafa Investimantii jedhamee sirreeffamee haa dubbifamu.

Sirreeffama
Gaazexaa Kallacha Oromiyaa Bara 31 Lakk. 29^{ffaa} Caamsaa 22 bara 2016 maxxanfamee baherratti beeksisa Obbo Getaachoo Charuu baasifatan keessattii kaartaa Lakk. isaa SULQW/1342/07 jedhamee kan bahe dogoggoraan waan ta’ee kaartaa Lakk. isaa QWAQW/1342/07 jedhamee sirreeffamee haa dubbifamu.

Obbo Wandiwasan Fayyisaa Lakk. Nagahee 870094 fi lakk. galmee W-67 ta’een galmaa’ee naaf kenname na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu nagahee kana namni arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 30 keessatti tooftaa kaminuu yoo beeksifachu baate, nagahee kan biroo baafachuu kan danda’an ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafa Kutaa Magaalaa Furii.

Obbo Tasfayee Dajanee Ifaa kaartaa fi pilaanii Lakk. kaartaa isaa L/0052/2006 nagahee lakk. isaa 527551 fi lakk. galmee T-531 ta’een galmaa’ee naaf kenname mana galmee keessaa waan badeef kan biraa naaf haa kennamu jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu nagahee kana namni arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 30 keessatti tooftaa kaminuu yoo beeksifachu baate,ragaa abbaa qabiyyee (kaartaa) kan biroo baafachuu kan danda’an ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafa Kutaa Magaalaa Furii.

Obbo Asaffaa Masqaluu G/Igzaabeer nagahee lakk. isaa 032047 kan ta’e galmaa’ee naaf kenname na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu nagahee kana namni arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 30 keessatti tooftaa kaminuu yoo beeksifachu baate, nagahee kan biroo baafachuu kan danda’an ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafa Kutaa Magaalaa Furii.

Aadde Kadijjaa A/Oliitiif
Bakka jirtanitti
R/Himataan Obbo Najiib Abbaa Maccaa fi R/Himatamtuun isin jidduu falmii dhirsaa fi niitii jiru ilaalchisee himatamaan kun mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa guyyaa 19/11/2016 sa’aatii 4:00 irratti akka dhiyaattan manni murtii ajajeera. M/M/A/K/M/Furii.

Obbo Zarihuun Gammadaatiif
Bakka jirtanitti
R/Himataan Dhaabbata Maayikiroo Makliit fi R/Himatamtoonni Obbo Zarihuun Gammadaa faa N-3 isin jidduu falmii siivilii jiru ilaalchisee himatamaan kun mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa guyyaa 19/11/2016 sa’aatii 4:30 irratti deebii hayyamsiisaa barreeffamaan akka dhiyeeffattan yoo hin dhiyaanne ta’e bakka isin hin jirretti dhimmichi kan ilaalamuu ta’uu manni murtii ajajeera. M/M/O/M/Adaamaa.

Aadde Masarat Baqqalaatiif
Bakka jirtanitti
R/Himataan Obbo Shimallis Badhaasoo fi R/Himatamtuun isin jidduu falmii dhirsaa fi niitii jiru ilaalchisee himatamaan kun mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa guyyaa 16/11/2016 sa’aatii 8:00 irratti dhiyaachuun deebii keessan akka kennattan manni murtii ajajeera. M/M/A/ Adaamii Tulluu Jiddoo Kombolchaa.

Aadde Keeriyaa Ahimad’tiif
Aadde Heeran Ahimad’tiif
Obbo Efreem Ahimad’tiif
Obbo Tamasgeen Alamaayyoo’tiif
Bakka jirtanitti
R/Himattuun Aadde Sa’aadaa Aadam faa N-5 fi R/Himatamtoonni isin jidduu falmii lafaa jiru ilaalchisee himatamtoonni kun mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa guyyaa 19/11/2016 sa’aatii 3:30 irratti qaamaan akka dhiyaattan, yoo hin dhiyaanne ta’e dhimmichi bakka isin hin jirretti kan ilaalamu ta’uu manni murtii ajajeera. M/M/W/O/Dhaddacha Dhaabbii Bahaa

Obbo Biruuk Sisaay’tiif
Bakka jirtanitti
R/Himattoonni Obbo Zakkaariyaas Geettoo faa N-4 fi R/Himatamaan isin jidduu falmii hariiroo hawaasaa jiru ilaalchisee himatamaan kun mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa guyyaa 15/11/2016 sa’aatii 5:00 irratti deebii keessan qabattanii akka falmattan manni murtii ajajeera. M/M/O/M/Shaggar.

Aadde Geexee Qanaasaa’tiif
Bakka jirtanitti

R/Himataan Aadde Birahaanee Boggaalaa fi R/Himatamtoonni Aadde Geexee Qanaasaa faa N-2 isin jidduu falmii maatii jiru ilaalchisee himatamtuun kun mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa guyyaa 12/11/2016 sa’aatii 8:00 irratti karaa Viidiyoo Konfiraansii Mana Murtii Aanaa Kutaa Magaalaa Sulultaatti dhiyaattanii akka falmattan ta’ee, yoo hin dhiyaanne ta’e bakka isin hin jirretti falmiin kan taasifamu ta’uu manni murtii ajajeera. M/M/O/M/Shaggar.

Qaama Dhimmi ilaallatu hundaaf
Bakka jirtanitti

R/Himataan Waajjira Maallaqaa Bulchiinsa Magaalaa Amboo fi R/Waamamtoonni himannaa qabeenya abbaa hin qabne 1ffaa Konkolaataa manaa Vixz moobilii lakk. gabatee 02-b12053A/A bara 2014 kan to’atame tilmaamni qarshii 800,000 (kuma dhibba saddeet), 2ffaa Motora lakk. gabatee bara 2014 keessa 2-55264 O/R boxer bm 100 bara 2014 keessa kan to’atame tilmaama qar. 20,000 (kuma digdama), 3ffaa Motora lakk. gabatee 2-98735 O/R boxer bm 150 bara 2015 keessa kan to’atame tilmaama qar. 20,000 (kuma digdama), 4ffaa Motora lakk. gabatee 2-28186 O/R boxer bm 150 bara 2014 keessa kan to’atame tilmaama qar. 20,000 (kuma digdama), 5ffaa Motora gabatee hin qabne Yamah lama bara 2015 keessa kan to’atame tilmaama qar. 20,000 (kuma digdama), 6ffaa Motora lakk. gabatee hin qabne boxer bm 150 tilmaama gatii ka’uumsaa kan tokkoo qar. 3000x2=6000 (kuma jaha), 7ffaa Saayikilii 2 gurguramee mootummaaf galii ta’uu akka mana murtiitti waan iyyateef qabeenya iyyanni irratti dhiyaate tokkoo tokkoon ibsame namni/qaamni kan kooti mirgan irraa qaba jedhu ragaa abbaa qabeenyaa ta’uu agarsiisu qabatee beellama gaafa guyyaa 15/11/2016 sa’aatii 8:00 irratti mana murtii Aanaa Ambootti akka dhiyaatu manni murtii ajajeera. Mana Murtii Aanaa Amboo.

Obbo Biruuk Gazzuutiif
Obbo Faranjoo Nagaash’tiif
Bakka jirtanitti

R/Himataan Abbaa Alangaa Magaalaa Adaamaa fi R/Himatamtoonni isin jidduu falmii yakka miidhaa qaamaa cimaa jiru ilaalchisee himatamtoonni kun mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa guyyaa 15/11/2016 sa’aatii 4:00 irratti dhiyaattanii akka falmattan ta’ee, yoo hin dhiyaanne ta’e bakka isin hin jirretti falmiin kan taasifamu ta’uu manni murtii ajajeera. M/M/O/M/Adaamaa.

Obbo Dabalaa Bajigaatiif
Obbo Alamaayyoo Damiseetiif
Bakka jirtanitti

R/HimataanAbbaaAlangaaMagaalaaAdaamaa fi R/Himatamtoonni isin jidduu falmii yakka lubbuu namaa jiru ilaalchisee himatamtoonni kun mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa guyyaa 15/11/2016 sa’aatii 8:00 irratti dhiyaattanii akka falmattan ta’ee, yoo hin dhiyaanne ta’e bakka isin hin jirretti falmiin kan taasifamu ta’uu manni murtii ajajeera. M/M/O/M/Adaamaa.

Obbo Toofiq Mahaammad’tiif
Bakka jirtanitti

R/Himataan Obbo Amiin Abdurrahamaan fi R/Himatamaan isin jidduu falmii jiru ilaalchisee himatamaan kun mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa guyyaa 15/11/2016 sa’aatii 8:00 irratti deebii keessan barreeffamaan akka dhiyeeffattan manni murtii ajajeera. M/M//A/K/M/Abbaa Gadaa.

Obbo Lamuu Fayyisaatiif
Aadde Obsee Lamuutiif
Bakka Jirtanitti

R/Himataan Dhaabbata Maayikiroo Faayinaansii Viizhin Fandii damee Malkaa Gafarsaa fi himatamtoonni Obbo Lamuu Fayyisaa faa N-4 isin gidduu falmii jiru ilaalchisee himatamtoonni mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa guyyaa 18/11/2016 sa’aatii 5:00’tti heeyyamsiisa akka dhiyeeffattan manni murtii ajajeera. M/M/O/M/Shaggar.

Obbo Girmaachoo Aaleetiif
Bakka jirtanitti

R/Himataan Obbo Habtaamuu Nigatuu fi R/Himatamaan isin jidduu falmii jiru ilaalchisee himatamaan kun mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa guyyaa 15/11/2016 sa’aatii 8:00 irratti dhiyaattanii akka falmattan, yoo hin dhiyaanne ta’e mirgi dhiyaatee deebii dhiyeeffachuun falmachuu bira darbamee falmiin kan gaggeeffamu ta’uu manni murtii ajajeera. M/M//A/Lumee.

Obbo Charinnat Taachee Gimmituutiif
Bakka jirtanitti

R/Iyyattuun Aadde Sannaayiid Adaal fi R/waamamaan isin jidduu falmii jiru ilaalchisee iyyattuun kun guddistuu ijoollee 1ffaa Baahraan Charinnat, 2ffaa Yisaaq Charinnat fi 3ffaa Batsaloot Charinnat kan ta’an abbaan ijoollee koo Obbo Charinnat Taachee Gimmituu baduun isaa akka mirkanaa’uuf waan gaafataniif himatamaan kun mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa guyyaa 18/11/2016 sa’aatii 4:00 irratti akka dhiyaattan manni murtii ajajeera. M/M//A/G/Jaarsoo.

Aadde Fooziyaa Huseen nagahee lakk. isaa 290666 kan ta’e galmaa’ee naaf kenname na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu nagahee kana namni arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 30 keessatti tooftaa kaminuu yoo beeksifachu baate, nagahee kan biroo baafachuu kan danda’an ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafa Kutaa Magaalaa Furii.

Aadde Itaagenyi Lammeessaa Nagahee Lakk. isaa 426663 ta’e maqaa Tasfaa Warqinaatiin galmaa’ee argamu waan jalaa badeef ragaan bade kun bakka bu’ee akka kenninuuf gaafataniiru. kanaafuu, namni mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 30 keessatti yoo dhiyaachuu baate ragaa bade kun bakka bu’ee kan hojjenne kan kenninuuf ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Buraayyuu.

Obbo Biruuk Gazzuutiif
Obbo Faranjoo Nagaash’tiif
Bakka jirtanitti

R/Himataan Abbaa Alangaa Magaalaa Adaamaa fi R/Himatamtoonni isin jidduu falmii yakka miidhaa qaamaa cimaa jiru ilaalchisee himatamtoonni kun mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa guyyaa 15/11/2016 sa’aatii 4:00 irratti dhiyaattanii akka falmattan ta’ee, yoo hin dhiyaanne ta’e bakka isin hin jirretti falmiin kan taasifamu ta’uu manni murtii ajajeera. M/M/O/M/Adaamaa.


Aadde Yimalduu G/Tsaadiq nagahee Lakk. isaa 2434548, 448894 kan ta’e maqaa isaanitiin Magaalaa Duukam keessatti galmaa’ee kennameef waan na jalaa badeef kan biraa bakka bu’ee naaf haa kennamu jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu namni nagahee iddoo mana jireenyaa isaanii kana arge ykn sababa adda addaatiin kan qabate yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee irraa kaasee guyyaa 20 keessatti yoo hin dhiyaatiin abbaa qabeenya kanaaf tajaajila barbaaddan nagahee koppiin kan keessumeessinu ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Duukam.

Aadde Immabeet Wubee waraqaa abbaa qabeenyummaa kaartaa lakk.isaa 38/2014 Magaalaa Shanoo ganda Burqaa Ejersaa keessatti maqaa isaanitiin galmaa’ee jiru waan na jalaa badeef kan biraa akka naa kennamu jechuun nu gaafataniiru. Kanaafuu, namni mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo dhiyaachuu baate ragaa abbaa qabeenyummaa bakka bu’ee kan kennamuuf ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Shanoo.

Obbo Araarsaa Hirphasaa mana jireenyaa Magaalaa Walisoo ganda 02 keessaa qaban kaartaa Lakk. Isaa W/689/84 ta’e maqaa isaanitiin galmaa’ee jiru waan na jalaa badeef kan biraa bakka bu’ee akka kenninuuf gaafataniiru. Kanaafuu, namni mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo dhiyaachuu baate ragaa abbaa qabeenyummaa (kaartaa) bakka bu’e kan kennamuuf ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Walisoo.

Aadde Yeshiimbeet Magarsaa Nagahee Lakk.isaa 0168322 kan ta’e maqaa isaanitiin galmaa’ee kennameef waan na jalaa badeef kan biraa bakka bu’ee naaf haa kennamu jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu namni nagahee iddoo mana jireenyaa isaanii kana arge ykn sababa adda addaatiin kan qabate yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee irraa kaasee guyyaa 20 keessatti yoo hin dhiyaatiin abbaa qabeenya kanaaf tajaajila barbaaddan nagahee koppiin kan keessumeessinu ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Duukam.

Lafawwan miidhaman xuxxuqqaarraa bilisa gochuudhaan deebi’anii akka dandamataniifi oomishitummaansaanii akka dabalu gochuun ni danda’ama!



Seeraafi Haqa

Taammanaa Gammadaa

Gabaasa raawwii hojii Biiroo Abbaa Alangaa Waliigalaa Oromiyaa bara 2016

Biiron Abbaa Alangaa Waliigalaa Oromiyaa (BAAWO) ergamaafi itti gaafatamummaa seeraan kennameef galmaan gahuu akka danda'uuf sirna kennaa tajaajila haqaqabeessa, si'aawaa, dhaqqabamaafi cimaa ta'e diriirsuun mirgoota bu'uura namoomaafi ol'aantummaa seeraa kabachiisuun guddina siyaas-dinagdeefi jijjiirama waliigalaa akka naannoofi biyyaatti taasifamaa jiruuf gumaachuuf karoorfatee hojjetaa jira. Kanaafis sirna hoggansaa bu'aarratti xiyyeeffatu (RBM) filachuun karoora bu'aarratti xiyyeeffatee (KBIX) kan waggaa 10fi shanii bara 2013 irraa eegaluun qopheeffatee jijjiirama barbaadamu galmeessisuuf sochii bal'aa taasiseera.

Biirichi bara bajataa 2016 kana keessatti karoorawaggaakudhaniitiintajaajilaummataaf kennuun amantaa ummataa horachuuf akkasumas karoora waggaa shaniitiin ammoo bu'aalee galtee karoora waggaa kudhanii akka ta'aniif karoorfaman afur: dhaqqabamummaafi bu'aqabeessummaa tajajilaa fooyyessuu,qulqullinaafi si'omina kenna tajaajilaa dabaluu, sirna bilisummaa ogummaafi itti gaafatamummaa fooyyessuufi bulchiinsa gaarii keessoo fooyyessuuf kan karoorfate yommuu ta'u, milkaa'ina bu'aalee yeroo giddugaleessaa kanaaf bu'aalee battalaa bara kana galtee ta'uu danda'an 20 milkeessuuf karaa iftoomina qabuun agarsiiftuuwwan raawwii 142n karoorfateera. Haaluma kanaan gabaasni kunis raawwiin bu'aalee battalaa bara kana karoorfaman kanneen kallatti agarsiiftuu raawawii karoorfamaniin xiinxaluun qindaa'eera

Xiinxala sadarkaa raawwii bu'aalee battalaa/hojiiwwan gurguddoo bara kana karoorfamanii

Biiron Abbaa Alangaa Waliiglaa Oromiyaa sirna hoggansaa bu'aarratti xiyyeeffatu hojiirra oolchee ittiin hogganamaa jiruun karoora waggaa 10 kan ta'e bu'aa waliigalaa 1fi karoora waggaa shanii kan ta'an bu'aalee yeroo giddugaleessaa 4 akkasumas milkaa'ina bu'aalee tarsiimoo kanneeniif bu'uura kan ta'aniifi karoora hojii waggaa tokkoo kan ta'an bu'aalee battalaa 20 karoorfachuun hojjetaa tureera.Haaluma kanaan milkaa'inni bu'aalee tarsiimoo ida'ama milkaa'ina bu'aalee battalaa waggaa waggaan karoorfamanirratti kan hundaa'u ta'uusaatiin bara kana bu'aaleen battalaa kunniin agarsiiftuuwwan raawwii iftoominaan madaalamuu danda'an 142n kan karoorfaman yommuu ta'u, bu'aaleen ykn hojiileen gurguddoon bara kana

agarsiiftuuwwan raawwii safartuu mataa ofii qabaniin karoorfamaniiru.

– Dhaqqabamummaatajaajila abbaa alangummaa dabaluu ilaalchisee

Irra caalmaan tajaajila Biiroo Abbaa Alangaa qaama haqa barbaaduuf tajajila haqaa kennuun kan walqabtu ta'uu isaan tajaajilichii qaama hawaasaa tajaajila barbaadu bira gahuu kan hin dandeenye yoo ta'e biirichi amantaa ummataa horachuu waan hin dandeenyeef bu'aa kana addatti karoorfachuun barbaachisaa ta'ee argameera. Kanaafuu biirichi bu'aa waliigalaa tarsiimoon karoorfate milkeessuuf hiyyeessaafis ta'e sooressaaf, kan qaama guutuu qabuufis ta'e kan qaama hir'uu ta'eef walumaagaltati mirga namoomaa namni hundi walqixa qabu mirga haqa argachuu lammiilee milkeessuuf tajajilli kennamu dhaqqabamaa ta'uu qaba. Kana milkeessuufis biirichi namoonni humna dinagdee hin qabne tolaan tajaajila deggersa seeraa akka argatan,hubannoon seeraa ummataa cimee yakki akka hir'atu,tajajilli mana hojichaa tekinoooloojiin deggeramaa ta'ee ummataaf akka dhaqqabamu taasisuuf hojjechuu qaba. Bara kanas bu'aa battalaa kana milkeessuuf hojjilee hojjetamaa turaniin raawwiin karoora kallattii agarsiiftuuwwan raawwii karoorfamaniin yoo xiinxalamu:

Tajaajila deggarsa seeraa bilisaan kennuun dhaqqabamuu ilaalchisee

Biiron Abbaa Alangaa dhaqqabamummaa tajajila haqaa mirkaneessuuf hojii hojjetu keessaa tokko namoota tajajila deeggarsa seeraa barbaadaniif tajajilli kun tolan akka dhaqqabu taasisuudha. Hojiin kun biirichiifi caasaaleensaa hundi harka qalleeyyii haqa barbaadan tolan tajajiluuf akkasumas namoota yakkaan miidhamanii humna hin qabne keessumaayyuu dubartootaaf da'imman tolaan tajajiluun kan walqabatudha.Haaluma kanaan waliigalaan hanga kurmaana kanaatti namoota tajajila kana barbaadan 9000 tajajila deggersa seeraa bilisaa kennuuf karoorfannee raawwiin kurmaan kanaa yoo xiinxalamu Abbaa Alangaatiin namoota 12,045 kennuun danda'ameera.Raawwiin bara darbee kan yeroo walfakkaatuu 8525dha waan ta'eef raawwiin bara kanaa caalmaa kan qabudha. Tajaajilli harka qalleeyyiiif haala kanaan kenname kunis tilmaamni qarshii isaa qar.218,793,797.98dha. Dabalataan Abbaan Alangaa bara kana hiyyeessotaafi harka qaleeyyii bakka bu'uun himannaa hariiroo hawaasaa galmee 1614 kan tilmaamnisa qar.

Mil.537.5 ol ta'e bannee tolaan falmaa kan ture yommuu ta'u, falmii gaggeesseen qar Mil.274.7 falmiin kan murteessiseef yommuu ta'u qr.Miliyoona 32.1 ammoo gorsaan hiyyeessotaafi harka qalleeyyiiif deebisiisuu danda'eera.Galmeen 672 ammoo ammallee falmii mana murtiirra kan jirudha.

– Kenna tajaajila biirichaafi caasaasaa sadarkaanjiranhammayyeessuulaalchisee

Hojiiwwan akka inisheetiiviitti Biiron Abbaa Alangaa bara kana karoorfate lamaan keessaa tokko hojimaata mana hojichaa hammayyeessuufi dijiitaalawaa taasisuudha. Tajaajila mana hojichaa amayyaa'aafi tekinoooloojiin deggeramee ummataaf kan dhaqqabamu taasisuuf bara darbe hojiin eegalame bara kanas ittuma fufuun biiroorraa kaasee hanga Aanaaleetti kaka'umsa gaariin itti fufeera. Hojicha caalmaatti lafa qabsiisuufis sadarkaa Biirootti caasaan daayireektoreetii ICT biirichaa irra deebiin qoratamuun duraan dayireektoreetiin kun ogeessa gahumsa ogummaa gaarii qabuuf hawwataa waan hin turreef rakkoon kun akka hiikamuuf jecha Biiroo Paabilik Sarviisiifi Misooma Qabeenya Namaa waliin hojii qindoominaan hojjatameen caasaan daareektaraa mudamaa Gumii akka ta'u taasifameera.Sadarkaa Godinaaleettis bifuma walfakaatuun godinaalee ogeessa daataabeezii hin qabne hundaaf sadarkaa biirootti bajata qabuun godinaaleenis qaama ilaallatu waliin ta'anii akka qacaratanii inishetivii kana milkeessuu danda'an gochuun danda'ameera.Haaluma kanaan sochii hanga ammaatti taasifameen

Ragaa Haardikoppiin jiru gara sooftikoppiitti jijjiiruu ilaalchisee:ragaa biirichaa hardkoppiin jiru gara softkoppiitti jijjiirruf hojii bifa duulaan hojjetamaa tureen sadarkaa biirootti ragaan humna namaa,ragaan galmee yakkaa- fi hariiroo hawaasaa,ragaan Abukaatotaa,ragaan waldaalee sivilii fi waldaalee daldalaa galmaa'anii fi kkf hardi koppiirra gara softkoppiitti akka jijjiiramuuf xiyyeeffannoon hojjetamaa tureera,Raawwiin hanga ammaatti jirus gabatee armaan gadii kanaan ibsameera.Haaluma kanaan bara kana hanga kurmaana kanaatti ragaawwan gosa adda addaa 32,531 scan gochuun gara softkoppiitti jijjiiruun danda'ameera;

Hojimaata mana hojichaa dijiitalessuufi gara siistamaatti jijjiiruu ilalachisee: sochii inisheetiivii kana jalatti taasifamaa tureen raga hardkoppiin jiru gara sooftikoppiitti jijjiiruun dabalata ragaa kana gara siiystemaatti

Dhiibbaawwan bosonoota keenyarra jiru hir'isuuf qoraaniifi ijaarsaaf filannoowwan jiran faayidaarra haa oolchinu!



Kenninsa tajaajila fayyaa sadarkaa hawaasni barbaadutti guddisuuf tumsi qooda fudhattoota murteessaadha

Hawaasa fayya qabeessa itti fufiinsaan misoomarratti hirmaatee imala badhaadhinaa jalqabame milkeessu uumuun filannoo osoo hin taane dirqamadha. Sababanisaa, hawaasni fayyaa yoo hin qabaanne humna misoomaa ta’uu hin danda’u, sababa rakkoo fayyaatiinis dinagdeen nama dhuunfaa, maatiifi biyyaa waan miidhamuufi.

Kanumaafi, mootummaan hojii kamiiniyyuu dura dhimma fayyaa hawaasaa eegsisuurratti xiyyeeffannaa jalqabaafi olaanaa kennee kan hojjetuufi. Naannoo Oromiyaattis mootummaan naannichaa jijjiiramaan as inisheetiivota fayyaa adda addaa tajaajila fayyaa fooyyeessuuf gargaaran bocee hojiirra oolaachaa jira.

Biiron Fayyaa Oromiyaas naannichatti hawaasa fayyaansaa eegamee humna oomishaa ta’uun badhaadhina naannoofi biyyaa milkeessuuf tumsu uumuuf inisheetiivota fayyaa bocaman hojiitti hiikamanii naannichatti qaqqabamummaafi qulqullinni tajaajila fayyaa qulqulluun akka mirkanaa’uuf xiyyeeffannaa guddaadhaan hojjechuurratti argama.

Keessumaa, naannichatti tajaajila fayyaa qaqqabamaa ta’eefi walgitiinsisaa mirkan’ee qulqullina barbaadamuun kennuuf humna namaafi meeshaalee barbaachisoo guutuun dhaabbileen fayyaa duraan turan tajaajila guutuu akka kennan taasisuufi haaraas babal’isuurratti hojii bal’aan hojjetamaa tureera.

Xiyyeeffannaa Mootummaan Naannoo kanaan kenneenis waggoottan darbanitti dhaabbileen fayyaa 2000 ol ijaaramuun xumuramuunii tajaajila kennaa jiraachuu Hogganaan Biiroo Fayyaa Oromiyaa Doktor Mangistuu Baqqalaan Gumii Qulqullina fayyaa 3^{ffaa} tibba darbe biirichi Magaalaa Adaamaatti qopheesserratti haasaa taasisaniin himaniiru. Meeshaaleen gurguddoonnis maallaqa guddaan bitamanii dhaabbilee fayyaatti galchuun hawaasni itti tajaajilamaa jira, ogeessoonni dandeettiifi ga’umsa cimaa qabanis qacaramanii meeshaa kanaan hawaasaaf tajaajila akka kennan taasisuun mootummaan hojii fakkeenyummaa qabu hojjeteera jedhan.

Tajaajila fayyaa qaqqabamaa taasisuuf hojii hojjetamutti dabalataan hawaasni dhukkuboota dadarboos ta’e daddarboo ta’anirratti hubannoo argatee akka of eeggatu; yoo dhibames gara dhaabbilee fayyaatti dhufee tajaajila akka argatuuf hojii hubannoo uumuu hojjetameenis baay’inni namoota gara dhaabbilee fayyaatti dhufanii tajaajilamanii waggaadha waggaatti dabalaa dhufeera. Kanaanis, baruma bajataa darbe kana keessatti qofa naannichatti hawaasni miliyoona 79 dhaabbilee fayyaa adda addaatti tajaajila fayyaa argachuu sagantaadhuma kanarratti kan dubbatan ammoo Hogganaa Itti Aanaa Biirichaa Obbo Darajjee Abdannaati.

Qulqullinni fayyaa kan mirkanaa’u ammoo haasaan utuu hin taane hojiin waan ta’eef hoggansa cimaa yaadama sirna bu’aa fayyaa (Whole Sstem Thinking for Imperoved Health Outcome) qabu kennuu gaafata, inisheetiivotaafi hojimaatawwan tajaajila fayyaa fooyyessuuf bahan sirnaan beekuufi qabatamaan hojiitti hiikuuf kutannoofi miira itti gaafatamummaan hojjechuu gaafata kan gaafatudha. Seektara kana gara milkaa’ina olaanaatti ceesisuufis tarkaanfilee haaraa hojiirra oolaa jiraniin bu’aa abdachiisoo galmaa’aniiru. Kenniinsa tajaajila fayyaa ammayeessuufi gara galmaa



Gumii Qulqullina fayyaa 3^{ffaa}

barbaadamuutti ceessisuuf tarkaanfilee haaraan utubuunis murteessadha.

Kana malees, ragaan barreeffamaa fuula miidiyaa hawaasaa Biirichaarraa argame akka mul’isutti bara bajata 2016 keessatti dhaabbilee fayyaa naannichaa keessaatti Wirtuun sagantaa Guddinaafi Dagaggina Daa’immanii ((ECD) 636 akka hundaa’an ta’eera, hojjetoota ekisteenshiinii fayyaa mana manatti adeemanii maalummaa sagantaa hordffii guddina da’imman kichuurratti hubannoo kennuufi hordoffii guddina da’immanii taasisuurratti miliyoona 6.3 qaqqabuun danda’ameera. Kellaawwan fayyaa dhaloota 2^{ffaa} (Comprehensive Health Post) 166 hirmaannaa hawaasaafi mootummaatiin ijaarsisaanii jalqabsiifameera. Ijaarsa keellaawwan fayyaa 207’f qarshii Bili 2 walitti qabameera. Tajaajilali yaala bilisaas namoot mil. 1.5 ta’aniif kennameera. Walgitiinsi kenniinsa tajaajila fayyaa akka mirkanaa’uufis inshuraansii fayyaa hawwasaa hojiirra oolaa jiruun hawaasni miiliyoonni 29 fayyadamaa akka ta’u taasifameera.

Komii dhiyeessii qorichaan walqabatee jiru furuuf inisheetiivii Mana qorichaa moodela hawaasaa babal’isuu jalqabameenis) bara 2015 naannichatti baay’inni manna qorichaa moodeela hawaasaa 353 ture bara bajataa xumurametti gara 497tti guddateera. Meeshaalee yaalaa tajaajila dhaaban suphamanii tajaajila akka kennaniif hojii meeshaalee kanneen suphuu duulaan hojjetameen meeshaaleen 5,458 suphamanii tajaajila kennuutti akka deebi’an taasifameera. Gama biraatiin, haadholiin miliyoona 1fi kuma 241fi 46 ta’an dhaabbilee fayyaa keessatti tajaajila da’umsaa argataniiru.

Ummanni tajaajila fayyaa qulqulluu, qaqqabamaa ta’eefi walgiitinsisaa mirkana’e akka argatuuf mirga qaba; sektarri fayyaa ammoo tajaajila kana kennuuf dirqama qaba kan jedhan Dr.Mangistuun, mootummaan naannichatti hawaasni tajaajila fayyaa sadarkaa barbaaduun akka argatuuf waggoottan darban keessatti hojiiwwan bal’aan hojjeteera, bu’aaleen gaariinis argamaniiru. Haata’u malee, dhimmi tajaajila fayyaa qulqullina barbaadamuun kennuu ammas hojii guddaafi xiyyeeffannaa qooda fudhatoota hundaa gaafatudha. Kanaaf, kun hubatamee hoggansiifi ogeeyyiin sektarichaa sadarkaan jiran akkasumas qaamoleen kallattii garaagaraatiin seektara kana keessatti tajaajila fayyaa kennuurratti bobba’anii jiran hundaa ol tajaajila fayyaa qulqulluu sadarkaa ummanni barbaaduun kennuuf miira itti gaafatamummaa qabuun hojjechuun akka irraa eegamu yaa’icharratti hubachiisaniiru.

Hojiin kenniinsa tajaajila fayyaa keessatti qooda

fudhattoota hedduutu hirmaata. Kanaaf, qooda fudhattoota kana waliin qindpoominaafi walitti dhufanii hojjechuun ammoo hojiilee tajaajila fayyaa ququlluufi qaqqabamaa hawaasa biraan ga’uuf hojjetamaa jiru sadarkaa olaan guddisuu keessatti gahee murteessaa akka qabu itti amanama. Kanaaf, Bakka bu’oonni dhaabbilee deggersa tajaajila fayyaa hawaasaarratti akka naannoofi biyyaatti hojjechaa jiran garaagaraa yaa’ii kanarratti hirmaataniiru. Hojiiwwan tajaajila fayyaa qaqqabamaafi qulqulluu hummata biraan gahuuf mootummaan hojjechaa jirus leenjii gahumsaafi hubannoo akkasumas deggerasawwan garaagaraa taasisuun hojjechaa jiracahuufi itti fufiinsaanis akka hojjetan dubbataniiru.

Kanuma bu’uura godhachuun Biirroom Fayyaa Oromiyaa Yaa’ii qulqullina fayyaa 3^{ffaa} qooda fudhattoota kanneen hirmaachiser tibba darbe Adaamaatti qopheessera. Yaa’ii kanaanis, hojiilee hanga hammaatti hojjeataman keessatti ciminoota jiraniifi danqaawwan maqfamuu qabanirratti hunduu hubannoo walfakkaatu qabaatee hojii itti aanuuf akka qopheessu irratti mari’achuun kalalattii hojii itti aanuu kaawwateera.

Walumaa gala,naannichatti hawaasni tajaajila fayyaa qaqqabamaa ta’eefi wal-gitiinsisaa mirkanaa’e qulqullinaan akka argatu taasisuuf, inisheetiivota fayyaa kanneen akka inshuuraansii fayyaa hawaasaa, mana qorichaa hawaasaa moodela babal’isuu, keellaa fayyaa dhaloota lammaffaa, galii keessoo dhaabbilee fayyaa guddisuu, wiirtuu giddu gala daa’imman hundeessuu, keessoo dhaabbilee fayyaa hawataa taasisuurratti hojiilee hojjetamaniin bu’aaleen gaariin argamaa jiru. Kana malees, fayyaan hawaasaa dura argachuu qaba kallattii jedhuun mootummaan naannichaa maallaqa guddaa ramaduun dhaabbilee fayyaa naannichaa sadarkaa jira keessatti meeshaalee barbaachisan guutuun tajaajila kennuu qaban akka kennaniif hojiilee bal’aan hojjetamaniiru.

Ta’us, fooyya’insi qulqullina tajaajila fayyaarratti argame sadarkaa barbaadamutti ceesisuuf ammas xiyyeeffannaa guddaa barbaada. Sababa dhibeewwan daddarboo garaagaraatiin lubbuun ummataa darbaa jirus salphaa waan hin taaneef xiyyeeffannaa akka barbaadu yaa’icharratti ibsameera.

Kanaaf, naannichatti tajaajila fayyaa qaqqabamaa ta’eefi walgitiinsisaa mirkanaa’e qulqullinaan sadarkaa hawaasni barbaadutti kennuuf akka sektarichaattis ta’e qooda fudhattoonni damee kana keessatti kallattii adda addaan hojjechaa jiran yeroo itti aanutti xiyyeeffannaa guddaa kennanii hojjechuu akka qabana kallattiin taa’eera.

Bulchiinsa gaarii mirkaneessuun dagaagina sirna dimookiraasiitiif bu’uura!



Naannichatti bara kana pirojeektonni . . .

bishaan dhugaatiifi inarjii haaromfamaa taasisuun danda'amuu ibsaniiru.

Hojii bishaan dhugaatii qulqulluu itti fufinsa qabu hawaasaaf dhiyeessuuf hojjetamaa tureen pirojeektota bara kanaa dabalatee iskiimota bishaanii 97,233 irra gahus kan ibsan Injinar Miiliyoon kana keessaa iskiimotni 7,105 sababoota adda addaatiin tajaajila kennaa kan hin jirreefi suphaa kan barbaadudha jedhan.

Gama biroon bara kana iskiimota 11,163 suphuun tajaajilatti deebisuun namoota miiliyoonaa 2.4 ol fayyadamoo taasisuus Injinar Miiliyoon himaniiru.

Hojiin ijaarsa pirojeektota bishaan dhugaatii kun bakkeewwan rakkisoo ta’aniin ala kan jiran ammallee Ganna kanas walirraa osoo hincitiin hojjetamaa jirus jedhan.

Hojiiwwan qulqullinaa naannoofi hawaasaa eeguuf magaalota keessatti eegalaman tumsuuf magaalota jaha keessatti mana fincaanii ammayyaa waliinii 260 ta’u qarshii miliyoona

800 oliin ijaaruun tajaajila kennaa jira jedhan.

Kunis qulqullina magaalaa eeguu bira darbee miseensa Waldaa IMX kuma 7 ta’aniif carraa hojii uumuus addeessaniiru.

Pirojeektonni sababa humna ibsaa/elektirikaan yeroo dheeraaf tajaajila kennuu hafanii turan qindoomina tajaajila humna ibsaatiin tiraansfoormarota 60 ol bituun tajaajilli dhiyeessiin bishaanii eegalchiifamuus himaniiru.

Iskiimota jenereetaraafi boba'aan hojjechaa turan gara soolaaritti jijjiiruun dhiyeessiin Bishaanii baasii xiqeesseefi itti fufiinsa qabu bakka baay'eetti akka jiratu taasifameeras jedhan.

Faalama bishaanii to’achuufi ittisuuf bara kana namoota kuma 38 ol hirmaachisuun lafa bishaanii aramaa boceetiin miidhamee ture heektaara 185 olirraa qulqulla'eeras jedhan.

Biirichi bara kana rakkoo bishaan dhugaatii hawaasa naannichaa furuuf jecha sadarkaa adda addaatti qorannoofi

dizaayinii bishaan dhugaatii kuma 3tti siqu taasisuu ibseera.

Teekinoolojii qabeenya humna aduu soolaaritti jijjiiruu fayyadamuun bara kana soolaarii dhaabbilee hawaasaa 11, teekinoolojii baayoo gaazii 2,152, geemoo qoraan qusatan kuma 888 tti siqufi soolaarii man-tokkee 94,538 babal’isuun walumaagalatti ummata miliyoona lamaafi kuma 740 ol fayyadamoo taasisuun danda’ameeras jedhan.

Kanaanis, ciramaafi manca’ina bosona toonii 258,264 olta’u hambisuun dandaa’amuu yaadachisaniiru.

Hojiiwwan tajaajila lammummaa sadarkaa adda addaatti hojjetameen deeggarsaawwan qarshii miiliyoona 9 olitti shallagamu hojjachuun danda’ameera jedhan.

Hojiiwwan damee dhiyeessii bishaanii, qulqullinaafi inarjiin hojjetaman keessatti dargaggoota kuma 37f carraan hojii dhaabbiifi yeroo uumamuus yaadachisaniiru.

Godina Harargee Lixaatti bara kana . . .

tahuu kan himan Obbo Mahammad Abduramaan isaan keessaa kuma 58fi dhibba sadii ol fala kan argataniifi kanneen hafanis beellamarra kan ce'an tahuu eeraniiru.

Obbo Mahammad Abduramaan akka jedhanitti Manni Murtii Aadaa abbootiin dhimmaa baasii humnaa oliif osoo hin saaxilamin dhimmasaanii Gaaddisa Manneen Murtii Aadaa gandsaanitti argamutti akka hordofan kan taasisuudhas jedhan.

Dhukkuboota rooba hordofuun . . .

sosochiin bal'aa taasifamaa jira jedhan.

Iddoowwan dhibeen busaa uumameetti biifaa keemikaalaa gaggeessuun, saaphana siree hiruun, hirmaannaa hawaasaa cimsuu ,yaala dhibee busaaf kan ooluu dhiyeessiiwwaan adda addaa akka dhiyaatan taasisuun hojiin ittisaafi yaalaa hojjetamaa jira.

Agoobarri 779,029 Godinaalee Bunnoo Beddellee,Jimma, Shawaa Lixaa, Arsii lixaa,Gujii Lixaa,fi Wallagga Bahaaf raabsamaa jiras jedhame.

Hojii ittisa dhibee koleeraafis qophiin gahaa taasifamaa jiraachuu kan

jiraachuu hubachiisuun, ummata keenya kabajamaa aarsaafi tattaaffii guddaa taasisaa jiru kana abdii qofaan kan soorru osoo hintaane waadaa galle gochatti jijjiirun badhaadhina waloo mirkaneessuuf cichoominaan kan hojjatamu ta’uu dubbataniiru.

Mootummaan jijjiiramaa kan humnaan ummatarratti ijaarame osoo hintaane bu'aa qabsoo ummataa waanta'eef, haala qabatamaafi gaaffii ummataa gochaa qabatamaan kan

dubbatan Dr. Tasfaayeen bakka dhibeen kun mul'ateetti yaaliin kennamaa jiras jedhanii hojii hubannoo uumuu hojjetameenis qophaa'ummaan hawaasaa cimaa dhufuu eeran.

Dhibewwaan busaafi koleeraa dabalatee dhibeewwan daddarboo biroo uumamuu danda'an ittisuufi yaaluuf naannoorraa kasasee hanga aanaatti hoggansi kana hordofu hundaa'uun hojjechaa jiraachuus eeraniiru.

Dabalataan taaks foorsiin hojii yaalaafi ittisaa hordofu hundaa'ee hojii keessa kan gale ta'uus ibsameera.

"Daawwannaa . . .

furu malee mararfannaa qofaan kan bira taruu miti jedhanii, gaaffiin hawaasa sossobbiin kan deebi'u akka hintaane mootummaan jijjiiramaa keenya ni hubata jedhaniiru.

Naannoo Oromiyaa giddugala misoomaa taasisuuf inisheetivoota Looreta Nagaa Addunyaa Ministiraa Muummee Dr. Abiyyi Ahmadiin kaa'aman hordofuun hojjechaa jiraachuu eeruun, qabeenya namaa, lafa baldhaafi bishaan Gannaaf Bona

Mallattooleen dhukkuba busaa hoo’ina qaamaa fi dafqisiisuu, qorrisiisuu, qaamni hurgufamuu, dhukkubbii mataa, maashaafi laphee, rakkoo afuura baafachuu, qufaasisuu yoo ta'u hawaasni mallattoolee kana ofirratti wayita argu ariitiidhaan gara mana yaalaa deemuu akka qabu ibsaniiru.

Hawaasni qulqullina naannoo,ofii,nyaataafi bishaan dhugaatii eeguun akkasumas mana fincaaniitti fayyadamuun dhibee koleeraarraa of ittisuu akka qabuus Dr Tasfaayeen hubachiisaniiru.

yaa'u qabnu imaammata misoomaa sirriin masaknee dinagdee ummata keenya giddugaleessa taasifate ijaaruu cimsinee kan itti fufnu jechuun ibsaniiru.

Ummanni sirna ofisaatiin ijaarrate tiksuu keessatti gaheen bahate guddaadha jedhanii, boqonnaan qabsoo itti aanuu hiyyuummaa seenaa taasiisuuti waanta’eef hawaasni hirmaannaafi gaheesaa cimsee itti fufuu qabaas dhaamaniiru.

Gubbisa:

Sirna . . .

booda seensa aduutti qootii/baalli muka mi'eessaa jiidhaan dhiirootaan kutamee karra loonii duratti qophaa'uun gulantaan jilaa ijoollee kuuchuun alaa kutamee karra loonii duratti qophaa'a. Gulantaan qophaa'ee galchuma looniitti ijoollee kuuchuu galmatti gala akkasuma qootiin qophaa'es warra jilaafi maatiin "iyyaangaloo tiyya ergaa Eee iyyaangaloo tiyya eegaa" jechaa gara galmaatti geessuun seensa galmaa gubbaa kaayu jechuun Qorataan Aadaa Obbo Bonayyaa Diidoo Waajjira Kominikeeshinii Godina Booranaatti himaniiru.

Ergaa horiin galee qootiin seensa galmaarra kaayyameefi gulantaan galmatti galee torbaan jilaa namoonni torba gosoota Booranaa Sabboofi Goonaa keessaa angaftittiin filataman madaala aannanii isaaniif qophaa'e fudhatanii "teessisi teessoo roobaafi nagaya" jechuun dhaabu. Warri jilaa loon elmachuun buna qalatee eebbifatee gara maqaa baasuutti seenu. Maaqaa ilmaaf kennamu dursa abbaa,haadhaafi akkoo (haadha abbaatiin) qopheeffatanii moggaasu.

Moggaasa maqaa ilmaaf kennamu keessatti abbaan daa'immaan ollaa maqaa walfakkaataa qaban filachuun qopheeffatee yeroo moggaasa maqaatti yeroo sadii walfaana "Liiban Galgaloo, Liiban Galgaloo, Liiban Galgaloo jedha". Yeroo kana abbeetiifi haatee bulfadhi jechuun torban jilaa jalaa qabuun akkasuma "Liiban Xaaxoo jedha jedha", "Liiban Saalaa Guyyoo jedha" jechuun haadhaafi akkoon (haati abbaa) walfaana jechuun maqaa moggasu.

Ergaa maqaan kennamee torban jilaa walirraa fuudhuun maqbaasa Booranaa torbaan walduraa duubaan jedhu. Dubartoonnis maqbaasa Booranaa torban jechuun maqaa moggaasu. Erga Maqabaasi torban jedhameen booda hanga bariitti torban jilaa weedduu loonii akka akkaa dhahachuun waari’anii barraaqatti Sangaa Obbaatii Jilaa qalachuun jilti xumuramti. Xumura jilaatti torban jilaa daannisaan gaadii fudhattee jila xumuru. Boorana keessatti namni tokko erga dhalatee gubbisaan /moggaasaan maqaan kennamaaf namni ilma ykn intalasaa hin gubbisin /moggaasin Aadaa Booranaa keessatti fudhatama hinqabu ammas akka ijoolleetti ilaalama jedhan Qorataan Aadaa Obbo Bonayyaa Diidoo.

Boorana biratti dubartiin yoo angafa dhalattes hin gubbisan. Sababni isaa dubartiin heerumtee namarraa fagaattee warra biraa taati waanta’eefi. Oromoon Booranaa maqaan gubbisaan moggaafame eebba waliin baha waanta’eef jijjiiruun aadaa miti jedhan qorataan aadaafi seenaa Obbo Jaatanii Diidaa miidiyaalee waliin kanaan dura turtii taasisaniin.

Toora fuula miidiyaa hawaasaa Waajjira Kominikeeshinii Godina Booranaa ka’umsa godbachuun kan gabbateedha.

Harka keessan saamunaafi bishaaniin yeroo yeroodhaan sirriitti dhiqadhaa!

Bohaartii

Booranatti ogeessonni gulukoosiin

'qeerransa du'a oolchan'

Gosa qeerransaa Afaan Ingiliziin 'Cheetah' jedhamuun beekamu hawaasni Booranaa 'qeerransa daalacha' jechuun waama.

Bakka adda addaatti ‘iyyaa’fi maqaa biroon kan waaman jiru. Gosti bineensa kanaas gara caalu bbiyyoota Baha Afrikaatti argama. Fiigichaanis bineensi isaan qixxaatu hin argamne.

Gosa bineensotaa baduuf dhihaatan jedhamuun akka addunyaatti dhaabbatni eegumsa isaaniif falmulleen dhaabbatee kan jirudha.

Iddoowwan bineensi kuni itti argamu keessaa tokko immoo Paarkii Biyyaalessa Booranaati. Paarkii kana keessatti bineensi kuni akka argamu kunuunsitonniifi paarkichi yoo beekanis ragaa qabatamaa suuraafi vidiyoon waan hin argamneef ragaan isaa guutuu ta’e hin beekamu.

Hogganaan Paarkii Biyyaalessa Booranaa Obbo Nugusee Waataas kanuma raga bahu.

Akka isaan jedhanitti bara darbeyyuu qorataan addunyaa beekamaan tokko qorannoof yeroo dhufetti yeroo dheeraa fudhatee bineensa kana soqaa turulleen argachuu hin dandeenye.

Taateen miilana Paarkii kana keessatti mudate garuu bineensi badiinsi itti qiiyaafate kuni paarkii kana keessatti akka argamu qabatamaan kan mul’ise ta’eera.

Aakka Lakkoofsa Itoophiyaatti Adoolessa 4, bara 2016 ganama konkolaataan Yaabeelloo irraa gara Koonsoo imalaa ture yeroo gara Paarkii kanaan darbutti qeerransa daalacha kanarratti miidhaa geessise.

“Bakka seensa paarkii biyyaalessa Booranaa irratti

konkolaataan Yaabeelloo gara Koonsoo deemaa ture qeerransa daalacha ilmoolee afur waliin karaa qaxxaamuraa turterraan balaa geessise.

“Balaa kanaan ilmoon tokko battala duute. Tokkommoo miidhaan irra gahe” jedhan Obbo Nuguseen. Konkolaataan balaa kana geessise saffisaan miliqee waan deemeef hin to’atamne.

Balaa kanaan booda eegdonni paarkichaa bakkicha gahuun bineensa balaan irra gahe kana yaalaaf konkolaataan fudhuus himu. Bineensa kana “miidhaa cimaatu irra gahee ture. Soorata fudhachuu hin danda’u. Guyyootaf gulukoosiidhaan ture.

“Giddugala laaboraatorii Booranaatii ogeessonni yaala gaarii gochaafii jiru” jedhan. Bineensa balaadhaan miidhame kana Ogeessonni aadaas miila cabe hidhaniifi amma haala gaarirra jiraachuus dubbatu. Balaan konkolaataa gahe kuni bineensi badiisatti dhihaate kuni Booranaa keessa jiraachuu nuuf mirkaneessee jira kan jedhan Obbo Nuguseen.

Haa ta’u malee, baay’ina bineensa kanaa paarkicha keessa jirus ta’e akka biyyaatti jirurratti garuu hanga ammaa ragaan guutuu ta’e qindaa’ee akka hin jirre himu. Sababoonni ijoon bineensa saffisaa addunyaa ta’e kana sanyiinsaa gara baduutti akka deemu godhan keessaa ijoon saaxilamummaa bineensichaati jedhu.



"Leenci ni adamsa, waraabessi ni adamsa, ilmooleesaa allaattiin ni adamsu. Dhalli namaas sababoota amma ibsuun hin barbaachisneef jecha ni adamsu" jedhan. Qeerransa daalacha balaa konkolaataan miidhamee tumsa ogeessota fayyaafi ogeessota aadaatiin lubbuun ooluu BBC’tti himani.

Yeroo ammaas soorata fudhachuu akka jalqabeefi fayyummaa gaarirra wanta jiruuf boodarra gara paarkichaatti akka deebifamus himan.

Hogganaan paarkichaa ogeessota yaala beeyladaa laaboraatorii Booranaafi ogeessota aadaa qeerransa daalacha kana yaalanii fayyummaa isaa deebisuuf tumsan hundas galateeffatan.

Argamni isaanii Itoophiyaa, Somaaliilaandfi biyyoota Baha Afrikaa biroo kan ta'an gosti qeerransaa kuni daggalaa ukkaamfamanii biyyoota Arabaatti akka gurguraman ragaaleen ni mul'isu.

Maddi: BBC Afaan Oromoo

Magawa: Hantuutni boombii lafa jala awwaalame foolii

fuudhuun gootummaan beekamu waggaa saddeetiin boqate

Magawa, hantuutni bakka meeshaaleen dhohan jiru foolii fuudhuun adda baasuun gootummaa agarsiisee medaaliyaa warqee badhaafame umurii ganna saddetiitti du'e. Bara hojii waggoota shanii keessatti hantuutni kun meeshaalee dhohan lafa jala dhokfaman 100 ol tahan Kamboodiyaa keessatti foolii fuudhuun akka qulqullaa'an gargaareera.

Magawaan hantuuta dhaabbata tola ooltummaa Beeljiyeem Apopo jedhamuun leenji'ee hojii isaa karaa milkaa'aa taheen hojjetaa turedha. Hantuutni kun foolii fuudhee bakka boombii ykn meeshaaleen dhohan jiran adda baasuun akka isaan osoo namarra miidhaa hin geesisiin bahan gargaaredha.

Dhaabbatni tola ooltummaa kun torban kanarra hantuutni Afrikaa guddichi foolii fuudhuun beekamu, "nagumaan boqateera," jedhe.

Magawaan fayyaa gaarii irratti argama ture. "Irra caalaa torban darbee kana tapha isaa jaalatu taphachaa ture." Garuu torban irra "suuta suutaan dadhabaafi mugaa dhufe. Guyyoota xumuraa isaa irra ammoo nyaata irrattis fedha dhabaa dhufe."

Tanzaaniyaatti Bired jedhamuun kan beekamu Magawaan leenjii irra turuun hojii boombii lafa jala awwaalameeru foolii akka fuudhuuf gara Kaamboodiyaa



geeffame. Kaamboodiyaa keessa albuudotni ykn bombiin dhohuun balaa geessisu malu miliyoona jahaa ol jira jedhamee amanama.

Hantuutni kun keemikaalota dhohan bakkeewan meeshaaleen dhohan jiru jedhame shakkamu keessaa akka foolii fuudhuu danda'utti leenji'e. Haala kanaanis lafa iskuweer Meetirii 141,000 yookaan dirree kubba miilaa 20n qixa kan tahu akka qulqullaa'u gargaareera.

Hantuutni kun ulfaatinni isaa kiiloo giraamii 1.2 yoo tahu, dheerinnisaa ammoo seenti meetira 70 taha. Magawaan hantuuta kaan irra caalaa guddaa tahus, garuu yeroo sakatta'insa taasisee albuudota ykn meeshaalee dhohan foolii fuudhu garuu meeshaalee

kannen irratti ulfaachuun akka balaa fidan hin godhu ture.

Daqiiqaa 20 keessatti lafa hamma dirree teenesii gahu sakatta'uu danda'a. Kun osoo dhalli namaa meeshaalee adda baasaniin sakatta'an guyyaa tokkoo hanga guyyoota afurii fudhachuu akka danda'u Dhaabbatni Apopo hima.

Bara 2020, Magawaan medaaliyaa warqee PDSA jedhamuun kennamu badhaafame. Seenaa tajaajila tola ooltummaa dhaabbatichaa waggoota 77 keessatti hantuuta yeroo jalqabaaf badhaasa akkasii argate tahe.

Hantuutni kun Waxabajji darbe soorama bahe, kunis umuriin isaa gara dullomaatti waan deemeef dadhabbiin waan irraa mul'ataa tureefi. "Hundi keenyayyuu Apopo keessa kan jiruu Magawa dhabuu keenyaatti gaddineerra. Hojii dinqisiisaa inni hojjechaa turetti ni boonna," jedhe dhaabbatichi ibsa baaseen.

"Dandeettii inni foolii fuudhuuf qabu, hawwaasni Kaamboodiyaa sodaa lubbuukoo dhaba jedhu malee nagaan akka jiraatu, hojjetatuu fi taphatu gargaareera," jedhe.

Dhaabbatni Apopo erga bara 1990 as bineeldota isaa 'HeroRats' jedhu akka isaan boombii lafa jalaa foolii fuudhuu danda'anitti leenjisee guddisaa ture.

Maddi: BBC Afaan Oromoo

Milkaa’inni gama misooma dinagdeetiin galmaa’e bulchiinsa gaarii mirkaneessuutiinis ni dabalama!

Aadde Faanayee Abbabaa G/Hiyoot mana jireenyaa Magaalaa Baatuu ganda M/ Shaalloo keessatti argamu waraqaa abbaa qabeenyummaa lakk.kaartaa isaa 118 ta`een galmaa’ee naa kenname waan na jalaa badeef kan biraa bakka buufamuun akka naaf kennamau jechuun gaafataniiru. Kanaafuu waraqaa abbaa qabeenyummaa kana namni arge ykn sababa adda addaatiin qabadhe jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahe irraa kaasee guyyaa hojii 20 keessatti yoo dhiyaachuu baate waraaqaa abbaa qabeenyummaa kan biraa kan kenninuuf ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Baatuu.

Beeksisa Caalbaasii

M/A/mirgaa Baankii Siinqee Damee Odaa Nabee fi M/A/Idaa 1ffaa Waldaa Farra hiyyummaa, 2ffaa Bulchiinsa Aanaa Aqaaqii gidduu falmii raawwii jiru ilaalchisee Konkolaataa Minibaasii moodeeliin isaa 5L lakk. gabatee -04-06915 OR ta’e yeroo ammaa kana mooraa M/A/Idaa 2ffaa Bulchiinsa Aanaa Aqaaqii keessa dhaabbatee argamu ka’uumsa caalbaasii qarshii 461,117.95 (kuma dhibba afurii fi kuma jahatamii tokkoo fi dhibba tokkoo fi kudha torba fi saantima sagaltamii shan) ta’een beeksisa gaafa guyyaa 09/11/2016 irraa kaasee qillensarra turuun gaafa guyyaa 23/01/2017 sa’aatii 4:00 hanga 6:00tti waan gurguramuuf namoonni dorgomtanii bitachuu barbaaddan mooraa bulchiinsa Aanaa Aqaaqii keessatti argamuun dorgomtanii bitachuu akka dandeessan ni beeksfna. M/M/Aanaa Aqaaqii.

Faanosee Galataa Nagahee Lakk. isaa 190700 kan ta’e maqaa maqaasaaniitiin magaalaa Shaggar kutaa Magaalaa Mana Abbichuutti galmaa’ee kennameef na jalaa badeera waan jedhaniif kan biraa akka naaf kennamu jedhanii gaafataniiru. Kanaafuu nagahee kana namni idaadhanis ta’ee, haala biroon qabadheera jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 20 keessatti tooftaa kaminuu yoo beeksifachu baate, ragaan abbaa qabeenyummaa (nagahee) kan biroo baafachuu kan danda’an ta’uu ni beeksifna. Magaalaa Shaggaritti Waajjira Kaadastira Kutaa Magaalaa Mana Abbichuu.

Abdulbar Madad Awwal Nagahee Lakk. isaa 033961 kan ta’e maqaa maqaasaaniitiin magaalaa Shaggar Kutaa Magaalaa Furii galmaa’ee kennameef na jalaa badeera waan jedhaniif kan biraa akka naaf kennamu jedhanii gaafataniiru. Kanaafuu nagahee kana namni idaadhanis ta’ee, haala biroon qabadheera jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 30 keessatti tooftaa kaminuu yoo beeksifachu baate, ragaan abbaa qabeenyummaa (nagahee) kan biroo baafachuu kan danda’an ta’uu ni beeksifna. Magaalaa Shaggaritti Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Furii.

Dhaabbata Liqa Phaaphaasaat Z-Kaatoolikaawiyaan Magaalaa Bishooftuu Aanaa Horaa keessatti lakk. Kaartaa 74/1/275/1/2 tiin bal’ina lafaa 17,551m² maqaa dhaabbatichaan galmaa’ee beekamu waan isaan jalaa badeef kan biraa bakka bu’ee akka kennamuuf iyyataniiru. Kanaafuu namni/qaamni/ idaadhaan ykn dhimma biraatiif qabadheera jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee irraa kaasee guyyaa 21 keessatti yoo hin dhiyaatiin yeroo lammaffaaf (koppii) maqaa dhaabbatichaan kan kennu ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Bulchinsa Magaalaa Bishooftuu

Kaasach Gurmuu Biifaa Kaartaa mana jireenyaa Lakk.669/2016 ta’een maqaa isaaniitiinMagaalaa Adaamaa Kutaa Magaalaa Bokkuu Shanan Aanaa Harooreetti keessatti galmaa’ee keenameef waan na jalaa badeef kan biraa bakka bu’ee naaf haa kennamu jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu qaamni ragaa kana arge yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti waajjira keenyatti dhiyaachuudhaan akka beeksifan, kun kan hin taanee taanan kaartaa kan biraa bakka buufnee kan kennamuuf ta’uu ni beeksifna. Bulchiinsa Magaalaa Adaamaatti Waajjiira Lafaa Kutaa Magaalaa Bokkuu Shanan

Aadde Sisaay Waldee tiif

Bakka Jirtanitti

R/Himataan Obbo Silashii Geetaaneeh fi R/Himatamtuu isin jidduu falmii dhimma dhirsaafi niitii jiru ilaalchisee Himatamtuun kun mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 17/11/2016 sa’aatii 3:30 irratti akka dhiyaattan ta’ee, kan hin dhiyaanne yoo ta’e bakka isin hin jirretti dhimmi keessan kan ilaalamu ta’uu manni murtii ajajeera. M/M/W/O/Dhaddacha dhaabbii Bahaa

Jamaal Nagaash Nagahee Lakk. isaa 162651 fi lakk.glmee J-262 kan ta’e maqaa maqaasaaniitiin magaalaa Shaggar Kutaa Magaalaa Furii galmaa’ee kennameef na jalaa badeera waan jedhaniif kan biraa akka naaf kennamu jedhanii gaafataniiru. Kanaafuu nagahee kana namni idaadhanis ta’ee, haala biroon qabadheera jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 30 keessatti tooftaa kaminuu yoo beeksifachu baate, ragaan abbaa qabeenyummaa (nagahee) kan biroo baafachuu kan danda’an ta’uu ni beeksifna. Magaalaa Shaggaritti Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Furii

Masarat H/Maariyaam Lakk. Nagahee 870204, Lakk. Galmee M-24 ta’een galmaa’ee naaf kenname na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu nagahee kana namni arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 30 keessatti tooftaa kaminuu yoo beeksifachu baate, nagahee kan biroo baafachuu kan danda’an ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafa Kutaa Magaalaa Furii.

Obbo Darajjee Caqoo Gammadaa Lakk. Kaartaa KDDI /072/2013 bilookii TDB-005 Lakk. Parsilii P-072 maqaasaaniitiin kennameef na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu kaartaa kana namni arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 20 keessatti tooftaa kaminuu yoo beeksifachu baate, nagahee kan biroo baafachuu kan danda’an ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafa Kutaa Magaalaa Koyyee Faccee.

Masarat Boggaalaatiif

Bakka Jirtanitti

R/Himataan Obbo Alamaayyoo Gosaa fi R/Himatamtuu isin jidduu falmii badinsaa jiru ilaalchisee Himatamtuun kun mana murtii kanatti waamamuu keessan beektanii beellama gaafa 15/11/2016 sa’aatii 4:00 irratti akka dhiyaattan ta’ee, kan hin dhiyaanne yoo ta’e bakka isin hin jirretti dhimmi keessan kan ilaalamu ta’uu manni murtii ajajeera. Mana Murtii Aanaa/Ku/ Magaalaa Dambalaa

Obbo Damisoo Hayiluu Geelleetiif

Bakka Jirtanitti

Himataan Dhaabbata Inshuuraansii Itiyoophiyaafi Himatamaan isin jidduu falmii siiviilii jiru ilaalchisee Himatamaan kun mana murtii kanatti lakk. Galmee 45712 himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 19/11/2016 sa’aatii 8:00 irratti akka dhiyaattanii falmattan beeksisaa, kan hin dhiyaanne yoo ta’e dhimmichi iddoo isin hin jirretti kan ilaalamu ta’uu manni murtii ajajeera. M/M/O/Magaalaa Adaamaa.

Obbo Fayyisaa Dagafaatiif

Bakka Jirtanitti

Himataan Obbo Alamaayyoo Dameefi Himatamtoota Yohaannis Tasfaayee fa’aa N-2 fi Falmiitti makamtuu Adde Qiddisti Tasfaayee, dhimma falmii qabiyyee lafaa iddoo mana jireenyaa jiru ilaalchisee Obbo Fayyisaa Dagafaa falmiitti makamuu keessan beektanii beellama gaafa 13/11/2016 sa’aatii 4:10 dhiyaattanii akka falmattan manni murtii ajajeera. M/M/A/Kutaa Magaalaa Mana Abbichuu

Obbo Tasfuu Kumsaatiif

Bakka Jirtanitti

Himataan Dhaabbata Inshuuraansii Itiyoophiyaafi Himatamaan isin jidduu falmii jiru ilaalchisee Himatamaan kun mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 18/11/2016 sa’aatii 5:00 irratti akka dhiyaattan falmattan beeksisaa, kan hin dhiyaanne yoo ta’e dhimmichi iddoo isin hin jirretti falmiin kan itti fufu ta’uu manni murtii ajajeera. M/M/O/Sh/Ki/Lixaa

Obbo Dassaaleny Guddisaa tiif

Bakka Jirtanitti

Himataan Obbo Dirribaa Nugusuufi Himatamaan isin gidduu jiru ilaalchisee himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 15/11/2016 sa’aatii 3:00 dhiyaattanii akka falmattan jechaahiyaanne ta’e falmichi bakka isin hin jirretti kan itti fufu ta’uu manni murtii ajajeera. M/M/A/Kutaa Magaalaa Laga Xaafuu Laga Daadhii

Obbo Mangistuu Laggasaa Nagahee Lakk. isaa 504324, 504225 kan ta’e maqaa isaanitiin Magaalaa Duukam keessatti galmaa’ee kennameef waan na jalaa badeef kan biraa bakka bu’ee naaf haa kennamu jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu namni nagahee iddoo mana jireenyaa isaanii kana arge ykn sababa adda addaatiin kan qabate yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee irraa kaasee guyyaa 20 keessatti yoo hin dhiyaatiin abbaa qabeenya kanaaf tajaajila barbaaddan nagahee koppiin kan keessumeessinu ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Duukam.

Obbo Wandosan Alamaayyoo Bayyanaa Bakka Bu’aa seeraa Obbo Eeliyaas Shaanqoo Lakk. Kaartaa BK54-5 maqaa Obbo Eeliyaas Shaaqaatiin Magaalaa Duukam keessatti galmaa’ee kennameef waan na jalaa badeef kan biraa bakka bu’ee naaf haa kennamu jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu namni kaartaa iddoo mana jireenyaa isaanii kana arge ykn sababa adda addaatiin kan qabate yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee irraa kaasee guyyaa 20 keessatti yoo hin dhiyaatiin abbaa qabeenya kanaaf tajaajila barbaaddan nagahee koppiin kan keessumeessinu ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Duukam.

Wallagga

Obbo Mogos Hayiluu mana daldalaa magaalaa Danbidoolloo ganda Laaftoo keessatti argamu lakk.kaartasaa 15983/WL/2016,ballinnisaa M² 12.675 ta’e maqaasaaniitiin galmaa’ee beekamu Obbo Masqaloo Alamuutti gurguratanii maqaan gara gara bitatattii akka jijjiiramuuf gaafataniiru. Kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo dhiyaachuu baate jijjiirraan maqaa kan raawwatamuuf ta’uu ni beeksifna. W/L/B/M/Danbidoolloo

Obbo Darajjee Hayiluu Tarrafaafi Aadde Zartihun Iddoosaa Beeraa mana jireenyaa magaalaa Gimbii ganda 02 keessatti argamu ballinnisaa M² 500, lakk. kaartasaa 02/8650/2014 ta’e Ins Dirribaa Shaanqootti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti yoo hin dhiyaanne jijjiirraan maqaa ni raawwatamaaf. W/L/M/Gimbii

Aadde Geexee Abdataa Dagaa Aadde Abdataa Dagaa, Aadde Abbabachi Abdataafi Obbo Indaaluu Abdataa mana jireenyaa magaalaa Gimbii ganda 01 keessatti argamu ballinnisaa M² 424.86, lakk. kaartasaa 01/3046/2016 ta’e Dr. Gammachiis Oliiqaa Guddinaatti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti yoo hin dhiyaanne jijjiirraan maqaa ni raawwatamaaf. W/L/M/Gimbii

Obbo Mitikkuu Bantii Nagariifi Aadde Abbaayinash Tasgaraa Fufaa mana jireenyaa magaalaa Gimbii ganda 04 keessatti argamu ballinnisaa M² 500 lakk. kaartasaa 04/8359/2013 ta’e Obbo Saamu’eel Alamuu Asiraatitti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti yoo hin dhiyaanne jijjiirraan maqaa ni raawwatamaaf. W/L/M/Gimbii

Obbo Mikaa’el Fufaa mana jireenyaa magaalaa Biilaa ganda 02 keessaa qaban lakk. kaartasaa WMMLMB/459/04/2010 ta’e Gaarummaa Wayyeessaatti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti haa dhiyaatu. W/L/M/Biilaa

Aadde Tsiggee Malaakuu mana jireenyaa magaalaa Biilaa ganda 02 keessaa qaban lakk. manaa 0884 ta’e Obbo Dastaalam Waaqgaariitti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti haa dhiyaatu. W/L/M/Biilaa

Obbo Warquu Taammiruu mana jireenyaa dhuunfaasaanii magaalaa Biilaa ganda 01 keessaa qaban lakk. manaa 336 ta’e Yohaannis Bijigaatti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee hanga 4/12/2016tti haa dhiyaatu. W/L/M/Biilaa

Dammee Amoosaa mana jireenyaa dhuunfaasaanii magaalaa Biilaaganda 02 keessaa qaban lakk. kaartasaa WMMLMB/6/04/016 ta’e Lalisaa Mokonnonitti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee hanga 4/12/2016tti haa dhiyaatu. W/L/M/Biilaa

Caalbaasii

Raawwiin himataa Anduu’aalam Gabayyoofi raawwiin himatamaa Birillee Dammilee gidduu falmii jiru ilaalchisee manni murtii abbaa idaa magaalaa Angar Guutee ganda 01 keessatti argamu gaafa 18/12/2016 ganama sa’aa 3:00-6:30tti ka’umsa caalbaasii qarshii 1,350,000n akka gurguramu manni murtii waan ajajeef namoonni dorgomtanii bitachuu barbaaddan yeroo jedhametti bakkichatti argamuun dorgomtanii bitachuu kan dandeessan ta’uu ni beeksifna. M/M/OI/G/Wallagga Bahaa

Obbo Anbassee Xahaa mana jireenyaa magaalaa Gimbii ganda 01 keessatti argamu ballinnisaa M² 1000 lakk. kaartasaa 812/፩/83 ta’e kaartaan orjinaallisaa na jalaa bade waan jedhaniif namni kaartaa kana sababa addaa addaatiin qabadheera jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo hin dhiyeessine kaartaan biroon hojjetamee kan kennamuuf ta’uu beeksifna. W/L/M/Gimbii

Obbo Ballinaa Danuu mana jireenyaa magaalaa Mandii ganda 01 keessaa qaban, ballinnisaa M² 200 lakk. kaartasaa mana jireenyaa /2057/2008 ta’e Obbo Mulugeetaa Garbaatti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee hanga 28/11/2016tti haa dhiyaatu. W/L/M/Mandii

Aadde Warqinash Abboomaa mana jireenyaa dhuunfaasaanii magaalaa Qilxuu Kaarraa ganda 02 keessatti argamu, lakk. manaa P-0788, lakk. kaartasaa 0394WMMLMQK2011 ta’e Obbo Mardaasaa Dinqaatti gurguratanii maqaan akka jijjiiramuuf gaafataniiru. Kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti yoo hin dhiyaanne jijjiirraan maqaa ni raawwatamaaf. WBIFLM Qilxuu Kaarraa

Obbo Wadaajoo Haroo mana jireenyaa dhuunfaasaanii magaalaa Qilxuu Kaarraa ganda 02 keessatti argamu, lakk. manaa P-0048, lakk. kaartasaa 170WMMLMQK/2010 ta’e Aadde Eebbisee Mokonnonitti gurguratanii maqaan akka jijjiiramuuf gaafataniiru. Kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti yoo hin dhiyaanne jijjiirraan maqaa ni raawwatamaaf. WBIFLM Qilxuu Kaarraa

Obbo Xilaahun Mallis mana jireenyaa dhuunfaasaanii magaalaa Qilxuu Kaarraa ganda 01 keessatti argamu, lakk. manaa P-1283, lakk. kaartasaa 500WMMLMQK/2012 ta’e Obbo Gammachiis Harootti gurguratanii maqaan akka jijjiiramuuf gaafataniiru. Kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti yoo hin dhiyaanne jijjiirraan maqaa ni raawwatamaaf. WBIFLM Qilxuu Kaarraa

Obbo Daamxoo Hayilee mana maqaasaaniin magaalaa Samaroo ganda 01 keessatti maqaasaaniitiin galmaa’ee argamu, lakk. kaartasaa 107/2014, ballinnisaa M² 220 ta’e Obbo Daagim Mulugeetaatti gurguratanii maqaan akka jijjiiramuuf gaafataniiru. Kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti yoo hin dhiyaanne jijjiirraan maqaa ni raawwatamaaf. Waajjira Lafaa Magaalaa Samaroo

Aadde Galaanee Dheeressaa abbaan manaasaanii Obbo Waaqgaarii Nagawoo waan du’aniif manni magaalaa Qilxuu Kaarraa ganda 02 keessatti maqaa Obbo Waaqgaariin galmaa’ee argamu gara maqaa kootti naaf haa jijjiiramu jedhaniiru. Kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti yoo hin dhiyaanne jijjiirraan maqaa ni raawwatamaaf. WBIFLM Qilxuu Kaarraa

Obbo Tashoomee Taatoo Iluu mana jireenyaa dhuunfaasaanii magaalaa Qilxuu Kaarraa ganda 02 keessatti argamu, lakk. manaa P-1293, lakk. kaartasaa 084WMMLMQ/K2016 ta’e Obbo Waannaa Baayisaa Barkeessaatti gurguratanii maqaan akka jijjiiramuuf gaafataniiru. Kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti yoo hin dhiyaanne jijjiirraan maqaa ni raawwatamaaf. WBIFLM Qilxuu Kaarraa

Obbo Mitikkuu Lataa Baacaa mana jireenyaa dhuunfaasaanii magaalaa Qilxuu Kaarraa ganda 02 keessatti argamu, lakk. manaa P-1176, lakk. kaartasaa 080WMMLMQ/K2016 ta’e Obbo Dhugaasaa Faqqadaatti gurguratanii maqaan akka jijjiiramuuf gaafataniiru. Kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti yoo hin dhiyaanne jijjiirraan maqaa ni raawwatamaaf. WBIFLM Qilxuu Kaarraa

Obbo Tsaggaayee Kabaa mana jireenyaa dhuunfaasaanii magaalaa Qilxuu Kaarraa ganda 01 keessatti argamu, lakk. manaa P-1436, lakk. kaartasaa 052WMMLMQ/K2016 ta’e Obbo Gadaa Caalaatti gurguratanii maqaan akka jijjiiramuuf gaafataniiru. Kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti yoo hin dhiyaanne jijjiirraan maqaa ni raawwatamaaf. WBIFLM Qilxuu Kaarraa



18	Kallacha Oromiyaa	Adoolessa 11 bara 2016
Obbo Badhaasaa Abdiisaa Morodaa mana jireenyaasaanii magaalaa Jaarsoo Gabaa Dafinoo ganda 02 keessatti argamu,ballinnisaa M²200 lakk. kaartaasaa 1070/BLM/2016 ta’e Obbo Mulunaa Alamaayyoo Abdiisaatti gurguratanii maqaan akka jijjiiramuuf gaafataniiru. Kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti yoo hin dhiyaanne jijjiirraan maqaa ni raawwatamaaf. W/L/Magaalaa Gabaa Dafinoo	Obbo Fayisaa Yaadachuu mana jireenyaa Magaalaa Biilaa ganda 02 keessatti argamu lakk. manaa 0873 ta’e Obbo Guddinaa Xilaahunitti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Biilaa	Waajjirri Dargaggoofi Ispoortii Bul/Magaalaa Najjoofi Waldaan IMX Saamu’eel Bookaa, Araarsoo Guutaafi Meetii Tsaggaa jedhaman gidduu himata siivilii lakk.galmee 29849 guyyaa 28/10/2016 beellama gaafa 15/11/2016 sa’aatii 4:00 irratti himatamtoonni deebii keessan qabattanii akka dhiyaattan ajajeera. Mana Murtii Aanaa Najjoo
Abbabachi Raaree mana jireenyaa magaalaa Mandii ganda 03 keessaa qaban,lakk.kaartaasaa mana jireenyaa/584/2015, ballinnisaa M² 401 ta’e Obbo Badhaasaa Baqqalaatiif kennuu waan barbaadaniif maqaan akka jijjiiramuuf gaafataniiru. Kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti yoo hin dhiyaanne jijjiirraan maqaa ni raawwatamaaf. W/Lafaa Magaalaa Mandii	Obbo Gammachiis Ayyaanaa mana jireenyaa magaalaa Biilaa ganda 01 keessatti argamu lakk. isaa 0625 ta’e Obbo Waaqgaarii Moosisaatiif kennuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Biilaa	Obbo Eeliyaas Hayiluu Dhaabaa mana jireenyaa Magaalaa Goorii ganda 02 keessaa qaban lakk.kaartaa 217/W/I/L/M/2012 bal’ina lafaa M²528 ta’e Obbo Dooshaa Ejjetaatti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Goorii
Obbo Baaruu Lammeessaa b/b Eebbisaa Waannaa mana jireenyaa magaalaa Mandii ganda 03 keessaa qaban, lakk. kaartaasaa mana jireenyaa/5452/2012, ballinnisaa M² 400 ta’e Obbo Gammadaa Bakareetti gurgurachuu waan barbaadaniif maqaan akka jijjiiramuuf gaafataniiru. Kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti yoo hin dhiyaanne jijjiirraan maqaa ni raawwatamaaf. W/Lafaa Magaalaa Mandii	Obbo Ermiyaas Abarraa mana jireenyaa Magaalaa Biilaa ganda 01 keessatti argamu lakk. manaa 0380 ta’e Obbo Tasfaa Fiqaaduutti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Biilaa.	Daagim Tarfaasaa mana Magaalaa Aayiraa ganda 02 keessatti argamu mana lakk.isaa 0508/013, lakk. kaartaansaa 641/WBIFLMA ta’e Girmaa Ittafaa Wayyeessaatti waan gurgurataniif maqaan akka jijjiiramuuf gaafataniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Aayiraa
Miidhessaa Tasfaa lafa mana jireenyaa lafa M²200 irratti Magaalaa Siree ganda 02 keessatti argamu qabeenya kooti waan jedhaniif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti akka dhiyaatu beeksisaa yoo hin dhiyaatu ta’e waajjirri Lafaa Magaalaa Siree kan aangessu ta’uu ni beeksisa. Waajjira Lafa Magaalaa Siree	Obbo Amaanu’eel Taarikuu mana jireenyaa Magaalaa Biilaa ganda 02 keessatti argamu lakk. manaa 0882 kan ta’e Aadde Dammee Magarsaatti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Biilaa.	Bantii Daggafaa mana Magaalaa Aayiraa ganda 01 keessatti argamu lakk.isaa 0333 ta’e Eebbaa Bantiitiif kenneera waan jedhaniif maqaan akka jijjiiramuuf gaafataniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Aayiraa.
Sirreessa Gaazexaa kallacha Oromiyaa Caamsaa 22 bara 2016 maxxanfamerratti wallagga jalatti beeksifni Obbo Darribawuunfaa baasifatan keessatti Obbo Darribawu Raddaafi... Yohaannis Mararaa kan jedhamee ba’e dogoggora waan ta’eef maqaan Obbo Darribawu Raddaa jedhame Obbo Darribawu Raddee, Yohaannis Mararaa kan jedhame Yohaannis Marrasaa jedhamee sirratee haa dubbifamu.	1. Mokonnon Nigaatuu 2. Iskindir Nigaatuu 3. Abbabach Nigaatuu mana jireenyaa Magaalaa Biilaa ganda 02 keessatti argamu lakk. manaa 0007 ta’e Obbo Dibaabaa Qana’aatti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Biilaa	Obbo Daani’eel Caalaa mana Magaalaa Aayiraa ganda 02 keessatti argamu lakk.isaa 639/88 ta’e Obbo Malkaamuu Caalaa Ergaatti waan gurgurataniif maqaan akka jijjiiramuuf gaafataniiru.Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Aayiraa.
Manni murtii Aanaa Gimbii lakk.Galmee 30858 guyyaa gaafa 20/10/2016 murtii kenneen mana jireenyaa magaalaa Gimbii ganda 02 keessatti argamu lakk.kaartaa 579/03/90 ta’een beekamu maqaa Obbo Mitikkuu Badhaasaa Abdiisaarraa gara Tsahaay Baayisaafaa namoota 5(shan)tti maqaa hin jijjiiriin dura kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyoottan 20 gidduutti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Gimbii.	Aadde Ayyaluu Bayyanaa mana Magaalaa Dabbasoo ganda 01/02 keessatti maqaasaaniitiin galmaa’ee jiru lakk. kaartaansaa 855/WLMD ta’e balinnisaa M² 200 ta’e Obbo Iyyaasuu Firrisaatti waan gurgurataniif maqaan akka jijjiiramuuf gaafataniiru.Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Dabbasoo	Aadde Biqiltuu Charuu Raggaasaa mana Magaalaa Aayiraa ganda 01 keessatti argamu lakk.isaa 1402/90 ta’e lakk. kaartaansaa 1369/WBIFLMA/15 ta’e Obbo Shifarraa Kabbadaa Hordofaatti gurguradheera waan jedhaniif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Aayiraa
Obbo Solomoon Tolasaa Magaalaa Boondawoo ganda 01 keessatti argamu mana dhuunfaasaanii Obbo Shuumataa Wandimmuutti gurgureera waan jedhaniif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Boondawoo	Obbo Baahiruu Ittafaa mana Magaalaa W/Jirruu ganda 01 keessatti argamu lakk.isaa 1291 ta’e lakk.kaartaasaa 483, ballinnisaa M²200 ta’e B/S Amanuu Ittaanaatti waan gurgurataniif maqaan akka jijjiiramuuf gaafataniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa W/Jirruu	Obbo Daawwit Iddoosaa mana Magaalaa Aayiraa ganda 02 keessatti argamu lakk. isaa 05474/2013 ta’e Hayiluu Hiikaatti gurguradheera waan jedhaniif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.W/L/Magaalaa Aayiraa
	Obbo Getaachoo Awwal Alii mana jireenyaa Magaalaa Najjoo ganda 04 keessaa qaban lakk.kaartaasaa 5056/2016 ta’e Obbo Iyyaasuu Galataa Abdiisaatti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Najjoo	Obbo Muhiddiin Abdurrahmaan mana jireenyaa Magaalaa Qaaqee ganda 01 keessaa qaban lakk. kaartaasaa 1510/WLMQ/2016, bal’innisaa M²500 irratti argamu Obbo Fadiluu Abdallaatti gurguranii maqaa jijjiiruu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Qaaqee.

Obbo Toomaas Zawudee Gabree mana jireenyaa Magaalaa Gidaamii ganda 02 keessaa qaban Lakk. Kaartaa isaa Gk02/384/2016 ta’e ballina lafaa M²200 ta’e irratti argamu Aadde Maartaa Jaarsaa Goondeetti gurgurachuu waan barbaadaniif. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Gidaamii

Iyyattoonni 1. Aadde Tsahaay Abshiruu Mahaammad 2.Aadde Abbaayinash Abshiruu Mahammadiifi 3. Obbo Taammiruu Abshiruu Mahammad mana jireenyaa magaalaa D/Doolloo ganda Yabaloo keessatti argamu bal’innisaa M²120 irratti kan argamu maqaa duutuu Aadde Liichee Simaatiin galmaa’ee beekamu haati keenya Alamituu Qana’aa dhaaltuu haadha isaanii Aadde Liichee Simaa ta’uun osoo hin jijjiirradiin du’anii waan jiraniif nuti immoo dhaaltuu sadarkaa duraa haadha keenyaa waan taaneef manni jireenyaa maqaa akkoo keenyaatiin gibirri irratti gabbaramaa jiru gara maqaa dhaaltotaatti akka jijjiiramuuf gaafachaa jiru. Kanaafuu, dhimma kana kan mormu yoo jiraate guyyaa beeksifni kun bahee jalqabee guyyoota 20 keessatti dhorkaa haa dhiyeeffattu Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Dambi Doolloo

Bakka bu’aa Obbo Ayyalaa Luuccoo Ruufoo kan ta’an Obbo Dirribaa Adinoo mana jireenyaa Magaalaa Danbidoolloo ganda Yabaloo keessatti argamu lakk. kaartaansaa WLEN 4698/2003 ta’e ballinnisaa M² 200 irratti kan argamu maqaa Obbo Ayyalaa Luuccoo Ruufootiin galmaa’ee kan beekamu dabarsanii Obbo Dirribaa Adinootti waan gurgurataniiif maqaan akka jijjiiramuuf gaafataniiru.Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Danbidoolloo

Bakka bu’aa Obbo Gammachuu Baayisaa kan ta’an Obbo Margaa Kabbadaa mana jireenyaa magaalaa Danbidoolloo ganda Yabaloo keessatti argamu lakk. kaartaasaa 14129/WL2014 ta’e bali`inni isaa M²200 irratti argamu Maqaa Obbo Gammachuu Baayisaatiin galmaa’ee beekamu Obbo Margaa Kabbadaatti gurguratanii maqaan akka jijjiiramuuf gaafataniiru.Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Danbidoolloo

Bakka bu’aa Obbo Ayyaanaa Birhaanuu Guutamaafi Aadde Lalisee Baayisaa Foggii kan ta’an Obbo Margaa Takkaa Doroo mana Jireenya Magaalaa D/Dolloo ganda Laaftoo keessatti argamu lakk. kaartaansaa 9074/WMMLM/10 ta’e ballinnisaa M²420 ta’e Maqaa Obbo Ayyaanaa Birhaanuu Guutamaatiin galmaa’ee beekamu Aadde Shummee Gammachuutti waan gurgurataniiif maqaan akka jijjiiramuuf gaafataniiru.Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Danbidoolloo

Sirreessa

Gaazexaa Kallacha Oromiyaa Bara 31 Lakk.32^{ffaa} Waxabajjii 13 bara 2016 maxxanfamee baherratti beeksisa B/B Obbo Taaddasee Alamuu fi Aadde Bashaatuu Birhaanuu kan ta’an Obbo Dinqaa Niyyataa baasifatan keessattii maqaa Aadde Fitsum Phaawuloosiin galmaa’ee beekamu jedhamee kan bahe dogoggoraan waan ta’eef maqaa Obbo Taaddasee Alauutiin jedhamee sirreeffamee haa dubbifamu.

Sirreessa

Gaazexaa Kallacha Oromiyaa Bara 31 Lakk. 34^{ffaa} Waxabajjii 127 bara 2016 maxxanfamee baherratti beeksisa B/B Aadde Itsegennet Welela kan ta’an Aadde Tigistii Shunqux fi Aadde Solomee Tagany baasifatan keessattii Aadde Solonee Tageny jedhamee kan bahe dogoggoraan waan ta’eef Aadde Solomee Tageny jedhamee sirreeffamee haa dubbifamu.

Gabaasa raawwii hojii. . .

jijjiiruuf sochiin bara darbe eegalame bara kana caalmaatti cimuun sooftiweerii “Attorney ERP” jedhamu misoomee sadrkaa Biiroofi Godinaaleerratti akka hojiirra oolu taasifameera.Kanaafis moosaajiin 4 bara darbe godinoota muraasarratti yaalame bara kana xumuramee nageenyummaansaa amansiisaa ta’uufi neetwoorkii keessoo fayyadamee hojimaata keessoon hammayyeessuu keessatti bu’a qabeessa ta’uun isaa waan mirkanaa’eef hojiirra akka oolu murtaa’eera.mosaajiin misoome kunis: mosaajii bulchiinsa galmee dhimmoota yakkaa; moosaaji dhimmoota hariiroo hawaasaa dantaa ummataa; moosaajii adeemsa hojii mirkaneessa,galmeessa ragaafi kenna hayyamaa dijiitaaleessuu; moosaajii qabinsa bulchiinsa humna namaati.

Moosaajii bulchiinsa humna namaa:milka’ina bu’aalee karoorfamaniif humni namaa galtee ijoo ta’us qabinsi humna namaa biiricha keessa ture baayee dubatti hafaa fi ragaa humna namaa caasaalee sadarkaan jiranii qabatamaan beekuu kan hin dandeessifne ta’uu isaatiin jijjiirraan raawwatamu,giddinni oleefi gadee raawwatamu akkasumas muuxannoon hojii kennamu qulqullina dhabuu isaatiin biiricharratti komii uumuun madda rakkoo bulchiinsa gaarii ta’aa kan turedha.Haaluma kanaan bara kana rakkoo kana bu’urarraa hiikuu kan dandeessisu moosaajiin bulchiinsa humna namaa kun akka misoomee hojiirra oolu taasifameera. Moosaajiin kun hojiirra ooluu isaatiin ragaa humna namaa sadarkaa biiroofi caasaa sadarkaan jiran haala amansiisaa ta’een beekuun waan danda’ameef jijjiirraafi guddinni raawwatamu iftoomina akka qabaatuufi raga qabatamaa irratti akka hundaa’u waan taasiseef rakkoon bulchiinsa gaarii duraan ture hiikamuu danda’eera.

Moosaajii Bulchiinsa dhangala’insa hojii galmeewwanii:hojiin dhimmoota galmee yakkaafi Hariiroo hawaasaa dantaa uummataa kabachiisuu ergama ijoo Biiroo Abbaa Alangaa waliigalaati.Hojimaanni dhangala’insa dhimmoota yakkaa eeruu yakkaa keessummeessuun qulqulleessuuraa hanga murtii dhumaa kennisiisuutti jiru kan haammatu yommu ta’u hojimanni ture hammayya’aafi iftoomina kan hin qabne waan tureef madaalliin raawwii gama kanaan jirus ta’ee hordoffiin taasifamu qabatamummaa kan hin qabne waan ta’eef madda komii ijoo biricharratti dhihaatu ture.Haaluma kanaan rakkoo kana bu’urarraa furuu haala dandeessisuun moosaajiin rakkoo kana furuu danda’u misoomee akka hojiirra oolu taasifameera.Moosaajiin kun hojiirra ooluu isaatiin hojimaanni dhimmoota yakkaa waan iftoomina argateef madaalliin raawwii gama kanaan jiru qabatamummaan isaa dabaleera,hoggansi raawwii gama kanaan jiru haala salphaa ta’een akka hordofee rakkoof komii dhihaatu hiikuu danda’u ta’eera,komii dhimmoota kanaan walqabate dhihaatu kamuu haala salphaan hiikuun akka danda’amuuf haalli mijataan uumameera.

Moosaajii tajaajila galmeessaafi mirkaneessa ragaaleefi kenna hayyamaa ilaalchisee: moosaajiin kun hojiirra ooluu isaatiin duratti kenni tajaajilaa gama kanaan jiru hamayya’aa waan hin turreef Abbaan dhimmaa raga galmeeffate yeroo barbaadetti biiricha gaafatee hatattamaan argachuu waan hin dandeenyeef hammaya’uu dhabuun hojimaata kanaa madda komii fi rakkoo bulchiinsa garii ture. Dabalataan hojimaanni gama kanaan jiru hammaya’aa ta’uu dhabuun isaa ragaan sobaa akka babaldhatufi ragaalee galma’an irraa uummatni amantaa akka dhabu taasiseera. Rakkoo kana furuuf moosaajiin kun kan misoome yommuu ta’u mosaajiin kun hojiirra ooluu isaatiin uummatni odeeffannoo raga galma’ee jiru haala salphaan akka argatuufi dhugummaasaa akka adda baafatu taasisuun waan danda’ameef miidhaa ragaan sobaa fidu hirdhisuun danda’ameera.

Xiinxala sadarkaa hojiirra oolmaa moosaajiiwwan kanaa; sadarkaa Biirootti moosaajiiwwan hundarratti miseensota manajmeentiif leenjiin kennamuun akka hojiirra oolu taasifameera.Sadarkaa Godinaaleett Godinaalee 18 (% 88) irratti miseensota manajmeentii waajjira Godinaaleefi Aanaalee hundaaf leenjiin ogeessaan erga kennamee booda moosaajiileen kunniin godinaalee kanneen irratti hojiirra ooluun sadarkaa Aanaatti immoo %17 hojiirra ooluu eegaleera.Walumaagalatti bara kana dhimmi hojimaata hammayyeessuu xiyyeeffannoo argachuun moosaajiileen kun hojiirra ooluu isaanitiin bu’aaleen hanga ammaatti argaman:

- Hawaasa manneen hojii sadarkaan jiran biratti faayidaan hojimaata hammayyeessuu hubatamuu eegaleera
- Ragaa humna namaa manu’alii qofaan kan qabame ta’uu isaatiin ragaa wa’ee humna namaa qabatamaan beekamuu dhabuun madda komii fi bulchiinsa gaarii keessoo kan ture ragaan humna namaa gara softkoppiitti jijjiiramee siystematti jijjiiramuu isaatiin irra caalmaan rakkoo gama kanaan jiru furamuu eegaleera.
- Madda komii kan ture kenni tajaajila dhimmoota yakkaa iftoomina akka qabaatu taasifameera
- Kenna tajajila ragaalee galmeessuu keeessatti Ragaan sobaa haala salphaan saaxilamuu akka danda’uuf haalli mijataan uumamuu eegaleera
- Qabatamummaan madaallii raawwii dhimmoota galmee gaggeeffamuu fooyya’uun gabaasni sobaa saaxilamuu eegaleera
- Biiroon raawwii hojii caasaa isaa sadarkaan jiru haala salphaan akka hordofuu danda’uuf haalli mijataan uumamuu eegaleera.

Itti fufa



Ispoortii



Kiiliyaan Imbaappee- Kilaba Cheelsiin tuffatamuurraa hanga kilaba Paarisitti Urjii ta'uutti!

Akka Lakkoofsa Warra Awurooppaatti Muddee 20 bara 1998 biyya Faransaayitti kan dhalate taphataa beekamaafi urjiin addunyaa Kiliyaan Imbaappeen taphataa filatamaa addunyaa kubbaa miliqsuufi saffinaan taphachuun xumura itti gochuun beekamtii horate ta'eera.

Imbaappeen abbaa isaa lammii Kaameerun Wiilfaayerd (Wilfred) jedhamaniifi harmeesaa lammi Aljeeriyaa taphattuu kubbaa harkaa taate irraa biyya Faransaayya ganda walakkaa magaalaa Paaris irraa km 11 fagattee argamtu 'Bondii' jedhamtuufi ummanni harka qalleeyyiin keessa jiraatu keessatti dhalatee guddate.

Abbaan Kiiliyaan Imbaappee ganda kana keessatti kilaba gandichaa kan 'Bondii' jedhamtu leenjisa waan tureef ilmi isaa yeroo inni daa'ima ture irraa jalqabuun fudhatanii bakka leenjii deemu turani. Imbaappeen Mana barumsaa dhuunfaa Kaatoolikii ganda inni itti dhalate keessa jirutti barnootasaa barata ture. Abbaansaa ammoo ganduma inni itti dhalatetti leenjisa kubbaa miillaa ta'uun abbaasaa waliin deemee akka kubbaa akka shaakaluuf carraa isaaf uumeera.

Kanumaan fedhiin kubbaa miillaa isa keessatti guddachaa deeme.

Yeroo umuriin isaa wagga shan ture kubbaa miillaa shaakaluu kan jalqabe Imbaappeen, yoo wagga kudhan guutu maatiinsaa taphataa jabaa akka in ta'u hubatan. Harmeen isaa Garee Kubbaa Harkaa biyyaalessaa Farnsaayiiif taphattuu cimtuu waan turteef hojii dirreen ala akkamiin ilma Imbaappee gara kilaba gurguddaatti akka fiddu beekti turte.

Maatii Afrikaa harka qalleeyyii irraa kan dhalate Kiiliyaan Imbaappeen har'a, kilaboota isa fudhachuu barbaadaniin osoo hin taane miindaa hammamtu akka isaaf malu ofiif murteesse kilaba barbaade filachuun waliin taphataa waliigaltee mallatteessudha. Daa'ima xiqqaa guyyaa dhalootasaa keekii muruun gammadu qofa osoo hin taane abjuusaas fageessuun Teerii Heneriifi Ziinaddin Ziidaanfaa barbaadee dubbisuun fagoo yaadaa taphataa guddatedha.

Umuriinsaa wagga 12 yeroo ta'u maatiinsaa dandeettiisaa madaaluun ilaaluun jalqaba Imbaappee gara Ingilaanditti kan imalan yoo ta'u, kilabni Landan Cheelsiinis carraa kenneefi. Imbaappeen taphataa urjii addunyaa Kiristaanoo Roonaaldoo fakkeenya godhatee waan tguddateef Ingilaand akka gahaniin kutaa kireeffatan keessatti suuraa Roonaaldoo godhate. Imalli lammataa maatiisaa gara RiyaalMaadiriditti yoo ta'u, Ziidaan waan achi jiruuf Imbaappeef carraa gaarii uume. Roonaaldoo achitti arguun ammoo Imbaappeef akka abjuun isaa milkaa'etti isa gammachiise. Garuu ammas hin milkaa'iin hafe. Har'a garuu, Riyaal Maadirid Imbaappee maallaqa miliyonota dhibaan barbaadaa jira.

Bara dorgommii isaa jalqabaa guutuudhaan galchii 26 lakkoofsisuun Monaakoon shaampiyoonaa ta'e. Bara 2017 umurii xiqqaan paawondii miliyoona 166 ta'uun PSG kan gale Imbaappeen amma rikardii galchii kilabichaa harkatti galfatee jira. Waancaa Adunyaafi Liigii 1 Faransaay kan mo'ate yoo ta'u, kan isa hafe waancaa Shaampiyoonsi Liigiiti. Badhaasa Ballon d'Or biyyi isaa kennuu jalqabdeef kan abdatamu Imbaappeen. Amma taphataa urjii Paaris kilabni adunyaa gurguddoon ijaan arguuf hawwitudha.

Imbaappee-Taphataa urjii Paaris

Taphaataa dhaabbi toleessa, kokkolfaa, saffisnisaa atileetii addunyaa abbaa fiigicha meetira 100 Yuuzen Boolti caala kan jedhamu Kiiliyaan Imbaappeen



dandeettii kubba miilaa ajaa'ibsiisaa qabaachuufi dubartoonni mimmiidhagoon addunyaa beekamoon akka isa barbaadantu himama.

Dargaggeessi Faransaay dubartoota addunyaa mimmiidhagoo jedhaman hedduun barbaadan Kiiliyaan Imbaappeen yeroo tapha Waancaa Adunyaa Raashiyaaifi Kaataar Itoophiyaa irraa dabalatee biyyoota hedduu irraa dubartoonni suuraa Kiiliyaan Imbaappee pirofaayilii miidiyaa hawwaasaa isaanii godhatan muraasa hin turre.

Imbaappeen cimina kubba miilaa ittiin beekamuun jaallatamummaa horachuu qofa osoo hintaane, dhaabbiin qaamaafi bifti isaa gurraacha abbaafi haadha isaa irraa argates akka inni hawwatamu gochuu hin hafne jedhama. Ta'uus, akkuma namoota beekamoo kaanii waa'een jireenya jaalalaa isaa icciitiin kan qabamedha.

Barruun 'Man's World' jedhamu bara 2022 maxxanfame tokko 'Kiiliyaan Imbaappeen jaalallee isaa kan turte 'Emaa Ismeet' irraa erga adda ba'een as moodelii beekamtuu Faransaay kan taate 'Ines Raa'uu' jedhamtu waliin jaalala jalqabuu akka hin oolledha kan ibse. Akka gabaasni 'Delo Sport' agarsiisutti ammoo Imbaappeen Feestivaala Fiilmii Keensitti moodelii kan taate 'Ines Raa'uu' waliin osoo bashannananii argamuu ibseera. Raa'uun akkuma harmee Imbaappee hidda dhaloota Aljeeriyaa kan qabdu yoo taatu, moodelistii beekamtuu Faransaayiti.

Bara 2017 moodelii 'Transgender' jalqabaa ta'uun fuuldura barruu 'Playboy' irratti baate. Raa'uun indaastirii fiilmii 'Hooliwuud' keessattis beekamtudha. Jaalala jalqabee garuu hundasaanii dagadheera. Raa'uun hiriyyaa dhiiraa argachuu dhabuun hedduu akka ishee yaadessedha kan himte. Akka waan adda ta'e tokkoottis ilaalamaa turuushee dubbatte. Kanarraa ka'uun eenyummaashee isa dhugaa mul'istee jiraachuu akka qabdu murteessuusheeti 'Delo Sport' kan barreesse.

Dabalataan Imbaappeen waggootaaf moodelii beekamtuu Faransaay Aliishaa Ayilis waliin jaalalaan akka turanis ni himama. 'The Sun' akka gabaasetti, Imbaappeen Aliishaa waliin erga adda ba'ees haadha ijoollee lamaa kan taateefi moodelistii beekamtuu Beeljiyeem kan taate dubartii 'Rooz Bertiraam' jedhamtu waliin akka tures ibsameera. Bertiraam duraan taphataa beekamaa Neezerlaandi 'Vaan der Weyil' jedhamu waliin walfuudhuun ijoollee lama akka godhatanidha kan himamu.

Rakkoo isaan gidduutti uumameen adda bahuu kan himte Rooz Bertiraam amma nama biraa waliin waan hin jirreef jaalala nama fedhe waliin jalqabuuf qophiid akka taate dubbatte turte.

Kun bara 2022 keessa yoo ta'u, Imbaappee waliin deddeebi'anii argamuusaaniis miidiyaaleen gabaasaniiru. Bertiraam Kiiliyaan Imbaappee waliin jaalalaa kan jalqabde dhiyeenya akka ta'es 'Daily Mail' barreesseera. Imbaappeen taphataa faashinii hordofuun hedduu beekamudha. Dhaabbilee bebbeekamoofis ambasadara ta'ee hojjechuun ni beekama. Asitti dubartoota mimmiidhagoofi hojii moodelingii kana keessa jiran waliin wal arguun isaa hin hafne. Bertiraam waliin kan walbares as keessatti ta'uu hin hafu jedhama.

Imbaappeen taphataa arjoomuun beekamudha

Imbaappeen garee biyyaalessaa Paaris(PSG) keessatti miindaa torbnii Paawondii miliyoona 1.2 ol argata. Akka taphattoota tokko tokkoo, nama akkasumaan bakka hin taanetti maallaqa balleessu miti. Dargaggoota sababa garaagaraan miidhaan adda addaa irra gahe gargaaruufis faawondeeshinii dhuunfaa isaa hundeessee hojjechuurratti argama.

Imbaappeen kaffaltii garee biyyaalessaa Faransaay irraa argtu hunda karaa dhaabbata isaa hojiilee tajaajila lammummaatiif oolcha malee dhuunfaasaaf hin fudhatu. Kan malees, maallaqni hagam yoo kaffalameef dhaabbilee dhugaatii alkoolii beeksisaniifi nyaata daandirraa ykn ariitiin hojjetaman beeksisan waliin hin hojjetu. Dhaabbilee kanneen akka ummata biratti beekaman hin fedhu. Kunis, ammoo miidhaa inni dargaggoota irraan gahu hanbisuuf yaadee akka ta'etu ibsama.

Imbaappeen maatiis ta'e hiriyyootasaa biratti arjaa jedhamuun beekama. Hiyyeessota gargaara. Kunis, ofiisaatii ganda harka qalleeyyiifi maatii harka qalleeyyiiirraa waan dhalateef ta'uu mala jedhama. Beekamtiifi maallaqani argate hidda dhaloota isaafi harka qalleeyyii irraa isa hin fageessine. Hawwaasa keessa deemuun ispoortii keessatti akka hirmaataniif dargaggoota jajjabeessa; maallaqaanis gargaaraa tureera.

Kiiliyaan Imbaappeen tapha Waancaa Adunyaa Raashiyaa bara 2018 biyyi isaa injifatte irraa maallaqa Paawondii 400,000 argate hojii tajaajila lammummaa ijoollee harka qalleeyyii gargaruuf akka oolchedha kan ibsame. "Maallaqani akka naaf kaffalamu hin barbaadu, kanan taphadhe maqaa biyyakoo waamsisuufi; maallaqa ga'aa nan qaba" jechuun barruu 'Taayimsi'ti himeera. "Namoota rakkatan hedduutu jiru; warra rakkataniif harka diriirsuun waan ulfaatu mitis" jedhe. I Bara 2020 dhaabbata 'KM' jedhamu hundeesuun ijoollee miidhamoo ta'an 98 gargaaraa jira jedhameera.

Kiiliyaan Imbaappeen waliigaltee wagga sadii Paawondii miliyoona 547 PSG irraa argata. Kilabicha gadi lakkisee osoo ba'eeyyuu maallaqni kun guutuun akka kaffalamuuf waliigaltee qaba. Amanamummaa isaaf ammoo wagga waggaan paawondii miliyoona 61 argata. Imbaappeen pirezidaantiin Faransaay Imaanueel Maakiroon gidduu galuun akka PSG keessa turu gaafannaan waliigalticha mallatteesse. Galii hagas qabu cinatti dhaabbata yaada adda addaa adunyaa jijjiiruu danda'an maddisiisuufi maxxansu 'Zebra Valley' jedhamu Ameerikaatti baneera.

Ji'a 1 dura kilaba Riyaalmaadiiriidiif taphachuuf waliigaltee kan mallatteesse Kiiliyaan Imbaappeen, Kibxata darbe ammoo kilabichaan akka wal-baruuf sagantaa qophaa'erratti haasaa taasisen garichatti dabalamuusaa gammachuusaa ibseera.

Maddi: BBC Afaan Oromoofi toora interneetii

Dhaabbata Birihaaninnaa Salaamitti Maxxansame